# *Maanuwaalii Hojimaata Qophii Wixinee Seeraa*

*Adoolessa 20, 2011*

***<u>MHAAWO</u>***

## Baafata


BOQONNAA TOKKO ..........3

1. Seensa ..........3

2. Kaayyoo Maanuwaalichaa ..........5

3. Barbaachisummaa Maanuwaalichaa ..........5

4. Daangaa Raawwatiinsa Maanuwaalichaa ..........6

BOQONNAA LAMA ..........7

Yaad-Rimee Wixineessa Seeraa(Legislative Drafting) ..........7

2.1. Maalummaa Wixineessa Seeraa ..........7

2.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Wixineessa Seeraa ..........7

2.2.1. Hunda Galeessummaa Seeraa (Generality of law) ..........8

2.2.2. Tilmaamawaa Ta’uu (Predictability of law) ..........8

2.2.3. Iftoomina Qabaachuu (Transparency) ..........9

2.2.4. Madaalawaa (Proportionality) ..........9

BOQONNAA SADII ..........9

Qaama Seera Wixineessu, Ulaagaalee Wixineen Seeraa Guuttachuu Qabuu fi Dirqama Manneen Hojii ..........9

3.1. Qaama Seera Wixineessu ..........9

3.2. Ulaagaalee Wixineen Seeraa Guuttachuu Qabu ..........13

3.2.1. Qo'annoo Gaggeessuu ..........14

3.2.2. Qajeelfama Wixinee (Drafting Instruction) ..........15

3.2.3. Qabiyyee Qajeelfama Wixinee ..........15

3.2.4. Barbaachisummaa Qajeelfama Wixinee ..........17

3.3. Dirqama Manneen hojii Wixineen Seeraa Qophaa’uf ..........17

3.4. Tartiiba hojiiwwan gurguddoo boqonnaa kana keessatti Raawwatamanii fi Qaama Raawwatu ..........18

BOQONNAA AFUR ..........20

Adeemsa Wixineessaa fi Caaseffamaa Seeraa (Drafting Process and Bill Structure) ..........20

4.1. Adeemsaale Gurguddoo Qophii Wixinee Seeraa ..........20

4.1.1. Fedhii Qaama Seera Burqisiisee Hubachuu (Understanding the intention of the initiator) ..........20

4.1.2. Xiinxaluu (Analysis) ..........21

4.1.3. Seera Bocuu (Designing the Law) ..........24

4.1.4. Qindeessuu fi Gabbisuu (Composition and Development) ..........24

4.1.5. Qorachuu fi Madaaluu (Scrutiny and Testing) ..........24

4.2. Akkaataa Gurmaa’insa Wixinee Seeraa (Bill Structure) ..........25

4.3 Qajeeltoowwan Adeemsa Wixinee Seeraa ....................................................................26
BOQONNAA SHAN ..............................................................................................................31
Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Hojii Qophii Wixinee Seeraa Keessatti Qooda fudhatanii fi Istaandardiiwwan Raawwii Hojichaa ...........................................................31
5.1. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qooda Fudhattootaa..........................................31
5.1.1. Dirqama Manneen Hojii Wixinee Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaattidhiheeffatanii ..............................................................................................31
5.1.2. Gahee Hojii Hogganaa Biiroo Haqaa...................................................................32
5.1.3. Gahee Hojii Daarektara Daarektooreetii Qo'annoo, Wixinee fi Hubannoo Seeraa ..........32
5.1.4. Gahee Hojii Abbaa Alangaa Wixineessaa ...........................................................33
5.1.5. Qajeeltoowwan Naamusaa Abbaa Alangaa Wixineessaa ..................................35
5.1.6. Gahee Hojii Hojjataa Ragaa Galchu (Data Encoder) .........................................35
5.1.7. Gahee Hojii Ogeessa Hiika Afaanii......................................................................36
5.2. Istaandardii Yeroo Hojiiwwan Qophii Wixinee Seeraa ............................................36
5.2.1. Wixineen Haaraa (wayita yaadni seera burqisiisuu Biiroo Haqaatiin ka'u ykn Mootummaan kallattiin yoo kennamu) Yemmuu Qophaa'u Hojiiwwan Hojjataman, Yeroo Fudhatuu fi Qaama Raawwatu ..........................................................................................36
5.2.2. Wixinee Seeraa Qophaa'ee manneen hojii mootummaa irraa dhihaatu ilaaluun sirreessuuf hojiilee Hojjataman, Yeroo Fudhatuu fi Qaama Raawwatu .....................................38

# BOQONNAA TOKKO

## 1. Seensa

Biyya tokko keessatti mirgoota namootaa kabachiisuuf, imaammata siyaas diinagdee fi hawaasummaa mootummaan baasu hojirra oolchuuf, sirni dimokraasii akka dagaagu gochuuf, misoomni hunda fayyadu akka dhufu gochuuf; akkasumas, nagaaf tasgabbiin hawaasaa fulla'aa ta'e akka jiraatu gochuuf seerotni (labsiileen, dambiiwwanii fi qajeelfamoonni)qulqullina qabanii fi raawwatamuu danda'an jiraachuun murteessaadha. Seerota bifa kanaa qabaachuunkan danda'amu immoo hojiin seera baasuu xiyyeeffannaa guddaa argatee yoo hojjatameedha. Adeemsa seera baasuu keessatti dhimmi xiyyeeffannaan guddaan kennamuuf qabu hojii qophii wixinee seeraati.Sababni isaas seera hojii irra oolmaaf hin rakkifnee fi hawaasa bal'aa fayyadamaa taasisu; akkasumas, karoora mootummaa bifa imaammataan taa'e gara hojitti jijjiiruuf tajaajilu qabaachuuf bu'uura waan ta'eefidha.

Hojiin qophii wixinee seeraa sirnaan raawwatamuu yoo baate seerri iftoomina hin qabnee fi raawwiin isaa rakkisaa ta'e tumamuu danda'a.Kunis qaamni seera hiiku tumaalee seerichaatiif hiika garaagaraa akka kennu; akkasumas, qaamni seera raawwachiisu kaayyoo seerichi galmaan gahuu barbaade hubatee hojirra akka hin oolchine taasisa. Hawaasnis mirgaa fi dirqama isaa hubatee mirga isaa kabachiifachuuf; akkasumas, dirqama isaa bahachuuf ni rakkata. Seeronni bahan qulqullina yoo hin qabaanne akkuma bahaniin osoo hojirra hin oolin yeroo yeroon fooyyessuuf deemuu kan fidu waan ta'ee qisaasama qabeenyaa fi yeroo hordofsiisa. Walumaagalatti seerichi rakkoo hawaasaa furuun kaayyoo tumameef galmaan gahuun hafee mataa isaatiin rakkoo ta'ee argamuu danda'a.Mirgoonni bu'uuraa namootaa akka hin kabajamne yookiin akka sarbaman taasisuu danda'a.Kanaafuu hojiin qophii wixinee seeraa sirna isaa eeggatee qulqullinaan yoo raawwatame seerotni mirgoota namootaa kabachiisan; rakkooleen hawaasaa furan; imaammata mootummaa qixa sirrii ta'een hojirra oolchan; misooma ittifufiinsa qabu akka dhufu taasisan; sirna dimokraasii dagaagsan; akkasumas, nageenyi fulla'aan akka jiraatu taasisan akka tumaman gochuu keessatti gahee bakka hin bu'amne qaba.

Hojiin qophii wixinee seeraa hojiiwwan ijoo Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hojjatu keessa tokkoodha. Manni Hojichaa wixineen seeraa akka qophaa'u mootummaan yoo gaafatamu yookiin wixinee seeraa mataa ofii yemmuu qopheeffatu

yookiin wixinee seeraa qophaa’e ilaalee akka sirreessu manneen hojii mootummaatin yemmuu gaafatamu gaaffii kana keessummeessuun wixinee seeraa haaraa qopheessuun yookiin wixinee seeraa manneen hojiian qophaa'e sirreessun waajjira pirezidaantiif erga. Hojiin qophii wixinee seeraa kunis kan raawwatamu Daarektooreetii Hojii Qo'annoo fi Qophii Wixinee seeraatinidha.

Haata'u malee hojiin qophii wixinee seeraa Manni Hojichaa hojjatu hanqinaalee adda addaa akka qabu qo'annoowwan garaagaraa irraa hubachuun ni danda'ama. Wixineen seeraa yemmuu qophaa'u qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffameen kan hin deeggaramne ta'uun; gaaffin qophii wixinee seeraa mootummaa yookiin manneen hojii mootummaa irraa dhihaatu qajeelfama qophii wixinee seeraatiin deeggaramuu dhabuu; fi sirni hojiin wixinee seeraa jalqabaa hanga dhumaatti ittiin gageeffamu jiraachuu dhabuun hojiin wixinee seeraa sadarkaa barbaadamuun akka hin hojjatamne taasisaa tureera. Qo'annoon JBAH bara 2001 Manni Hojichaa gaggeesse akka agarsiisutti maanuwaaliin hojiin qophii wixinee seeraa ittiin hogganamu jiraachuu dhabuun hojichi sadarkaa barbaadamuun akka hin hojjatamne kan taasise ta'uu isaati. Qo'annoo JBAH kana keessatti maanuwaalii hojiin kun ittiin gaggeeffamu qopheessuun akka yaada furmaataatti kan taa'e ta'us hanga ammaatti wanti qophaa'e hin jiru. Kana malees, qo'annoon mata-duree rakkoowwan adeemsa seera wixineessuu akka Naannoo Oromiyaatti mul'atan jedhu irratti Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaatin bara 2007 gaggeeffame maanuwaalin qophii wixinee seeraa jiraachuu dhabuun hojichi hanqinaalee garaagaraa akka qabaatu taasisuu agarsiiseera. Hanqinaaleen qo'annoodhaan agarsiifaman keessaayis seeronni wixineeffaman qulqullina, iftoominaa fi si'oomina qabaachuu dhabuu; akkasumas, bifa walfakkaatuun wixineeffamuu (uniformity) dhabuu; heera mootummaatiin walitti bu'uu; aangoo qaamolee adda addaa walirra akka bu'u taasisuu isaan jedhan akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Kanaafuu hanqinaalee hojii qophii wixinee seeraa keessatti mul'atan kana bu'uura irraa furuuf maanuwaalii hojiin kun ittiin hogganamu qopheessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef maanuwaalin kun qophaa'eera.

Maanuwaalichi boqonnaa shan kan qabu yemmuu ta’u, *boqonnaan tokkoffaan* haala waliigalaa maanuwaalichaa kan ibsu ta'ee seensa waliigalaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa fi caasseffama maanuwaalichaa kan hammateedha. *Boqonnaan lammaffaan* yaad-rimee wixineessa seeraa kan ilaalu ta'ee maalummaa, barbaachisummaa fi qajeeltoowwan wixineen seeraa ittiin madaalamu kan hammateedha. *Boqonnaan*

*sadaffaan* qaama wixinee seeraa qopheessu, ulaagaalee wixineen seeraa guutachuu qabuu fi dirqama manneen hojii wixinee seeraa gara Manai Hojichaaatti fidatanii kan tarreessuudha. *Boqonnaan afraffaan* haala adeemsa hojii wixineessa seeraa fi caaseffama seeraa kan agarsiisuudha. *Boqonnaa shanaffaan* gahee hojii fi itti gaafatamummaa ogeessota seera wixineessanii kan tarreessu ta'a.

## 2. Kaayyoo Maanuwaalichaa

Maanuwaaliin kun hojiin qophii wixinee seeraa sirna mataa isaa qabaatee karaa bu'aa qabeessa ta'een akka raawwatamu kan taasisu ta'ee kaayyoon bu'uuraisaatis kanneen armaan ta'a:

- ❖ Seeronni wixineeffaman tumaalee heera mootummaa, olaantummaa seeraa fi sirna hiika seeraa (rules of interpretation) karaa mirkaneessuun akka wixineeffaman taasisuu;
- ❖ Seeronni wixineeffaman adeemsa, gurmaa'inaa fi boca (style) seeraa fudhatama qabu qabaatanii akka wixineeffaman taasisuu;
- ❖ Wixineen seeraa qulqullina, iftoomina, fudhatamummaa qabuu fi raawwatamuu danda'u bifa walfakkaatuun akka hojjatamu gochuun rakkooleen hojii qophii wixinee seeraa irratti mul'atan akka furaman taasisuu;
- ❖ Hojii wixinee seeraa fi adeemsa isaa ilaalchisee manneen hojii mootummaa wixinee seeraa isaanii gara Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaattifidaniif adeemsa wixineessa seeraa hordofamuu qabanii fi ulaagaalee guutamuu qaban kaa'uu; fi
- ❖ Gahee hojii fi itti gaafatamummaa qooda fudhattootaahubachiisuudhaan bu'aa qabeessummaa hojii qophii wixinee seeraatiif gahee isaanii akka bahan taasisuudha.

## 3. Barbaachisummaa Maanuwaalichaa

Maanuwaaliin adeemsa hojii tokkoo akkaataa hojiileen adeemsichaan raawwataman duraa fi duuba isaanii eeggatanii dogoggora malee ittin raawwataman kan diriirsuudha. Maanuwaalin kunis hojiin qophii wixinee seeraa jalqabaa hanga dhumaatti (end-to-end) bifa kamiin raawwatamuu akka qabu kan agarsiisu waan ta'eef ogeessota hojii wixinee seeraa keessatti hirmaataniif baay'ee barbachisaadha. Kana malees, hojiin qophii wixinee seeraamanneen hojii mootummaa fi Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaahojjatankaraa bu'aa qabeessa ta'een akka raawwatamu ni gargaara. Walumaagalatti Maanuwaalichi:

- ❖ Wixinee seeraa qo’annoo irratti hundaa’ee caaseffama seeraa (bill structure) qabaatee qophaa'e qulqullinaan yeroo murtaa’e keessatti akka qophaa'u ni taasisa.
- ❖ Ogeessotni hojii wixinee seeraa keessatti hirmaatan wixineen seeraa heeraa mootummaa fi seerota biroo hojii irra jiran waliin akka wal hin faallessine akka mirkaneeffatan ni taasisa.
- ❖ Seeronni wixineeffaman bifa fi boca fudhatamummaa qabuun; akkasumas, haala walfakkaatina qabuun (uniformity) akka bocaman ni gargaara.
- ❖ Seeronni wixineeffaman iftoomina kan qaban, qulqulluu, bu’a qabeessaa, tilmaamaawaa, madaalawaa fi faayidaa ummataa kan mirkaneessan akka ta'an ni gargaara.
- ❖ Wixineen seeraa gahumsa qabu akka wixinaa'u kan taasisu waan ta'eef imaammanni mootummaa karaa sirrii ta'een gara hojiitti akka jijjiiramu ni gargaara.
- ❖ Sababa qulqullina dhabuu wixinee seeraa irraa kan ka'e yeroo yeroon seerota fooyyessuuf deemuu ni xiqqeessa.
- ❖ Adeemsa, caaseffama fi boca wixinee seeraa karaa iftoomina qabuun waan kaa'uuf wixineessaan hojii isaa dogongora malee akka raawwatu ni gargaara.
- ❖ Seektaroonni mootummaa wixinee seeraa akkaataa kamiin qopheessuu akka qabanii fi wixinicha gara Manai Hojichaaatti yemmuu fidan ulaagaalee akkamii guutachuu akka qaban ni tarreessa.
- ❖ Gahee hojii fi itti gaafatamummaa qaamolee hojii qophii wixinee seeraa keessatti qooda fudhatanii karaa iftoomina qabuun waan kaa'uuf hojichi karaa bu'aa qabeessa ta'een akka raawwatamu ni taasisa.
- ❖ Hojiin qophii wixinee seeraa fedhii mootummaa fi manneen hojii mootummaa irraa ka'uun karoora qophaa'een akka hogganamu ni taasisa; fedhiin qophii wixinee seeraa heddu yoo ta'e akkaataa barbaachisummaa isaatti sadarkeessuun hojjachuufis ni gargaara.

### 4. Daangaa Raawwatiinsa Maanuwaalichaa

Maanuwaaliin kun wixineewwan seeraa Manneen Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaa itti waamamni isaanii kallattiin Caffeef hin taanee qopheessan hoogganuuirratti raawwatiinsa ni qabaata.

# BOQONNAA LAMA

## Yaad-Rimee Wixineessa Seeraa(Legislative Drafting)

### 2.1. Maalummaa Wixineessa Seeraa

Wixineessi seeraa adeemsa seerotni haaraa itti bahan, yookiin seerotni dura jiran ittiin haqaman yookiin itti fooyya'aniidha.Kunis adeemsa yaada bal'aa seera baastuu bocuun gara seera barreeffamaa fudhatamummaa qabuu fi bu'aa qabeessa ta'etti jijjiiruuti.Hima biraatin, wixineessi seeraa sirna seerri ifa ta'e, rakkoo hawaasaa furuu danda'uu fi fudhatamummaa qabu itti qophaa'uudha.Kanaafuu, wixineessi seeraa adeemsa saayinsii seera baasuu hordofuun seera wixineessuu qofa osoo hin taane sirna seerri fudhatamummaa fi rawwatiinsaa qabu; akkasumas, bu'aa qabeessa ta'e itti qophaa'uudha.Kunis imaammanni mootummaa sirnaan akka hojiirra ooluu seerri taasisu barreeffamaan qaama seera baasu biratti osoo hin dhiyaatiin dura hojii hojjetamu dha.Adeemsa yaada seeraa burqisiisuu fi seera tumuu hin dabalatu.Yaada seeraa burqisiisuu fi seera tumuun aangoo seeraan qaamolee biraatif kenname waan ta'eef.

Wixineessi seeraa rakkoolee akka waliigalaatti hawaasa keessatti muudatan furuuf kan hojjetamu dha.Seerri rakkoo hawaasaa furuun kaayyoo imaammata mootummaa galmaan gahuuf bahu immoo qulqullina fi gahumsa barbaachisu qabaachuu qaba. Seerri bahu tokko gahumsa qaba kan jedhamu immoo kaayyoo qabame galmaan kan gahu; iftoominaa fi qulqullina kan qabuu; akkasumas, qajeeltoowwan baay'ee barbaachisummaa (necessity), madaalawummaa (proportionality), itti gaafatamummaa (accountability), dhaqqabummaa (accessablity), hirmaachisummaa (participation), dhimma waliigalaa haguuguu (generality), tilmaamamummaa (predictability) jedhaman yoo bu'uureffate dha. Seera gahumsa akkanaa qabu qabaachuuf immoo jalqaba rakkoo hawaasa keessatti uumamee jiruu fi ka'umsa rakkichaa qorachuu; akkasumas, seeronni dura turan yoo jiraatan sababa rakkoo kanaaf furmaata kennuu dadhabaniif adda baasuun seera rakkoo hawaasaa bu'uura irraa furuuu danda'u wixineessuu gaafata.Kanaafu hojiin wixinee seeraa, seeronni imaammatootni mootummaa hojirra oolanii rakkooleen hawaasaa bu'uura irraa akka furaman gochuu dandeessisan itti bocamaniidha.

### 2.2. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Wixineessa Seeraa

Seerri fedhii waliigala hawaasaa irraa kan maddu ta'ee rakkoolee hawaasa keessatti mul'atan furuuf kan bahuudha. Kanaafuu seerri yemmuu bocamu karaa fedhii waliigalaa hawaasaa galmaan gahuu danda'uun ta'uu qaba. Seerri wixineeffamu akka waliigalaatti

duudhaa, haala diinagdee, hawaasummaa fi siyaasa hawaasichaa kan calaqqisiisu ta'uu qaba. Kanaafuu wixineen seeraa tokko gahumsa kan qabaatuu fi fedhii hawaasaa galmaan gahuu kan danda'u qajeeltoowwan armaan gadii guutee yoo argameedha.

### 2.2.1. Hunda Galeessummaa Seeraa (Generality of law)

Qajeeltoonwixineessa seeraa inni duraa hundagaleessummaadha.Kunis karaa adda addaatin ibsamuu danda'a.Tokkoffaa raawwii seerichi namoota irratti qabuuni.Kana jechuunis seerri dhimma hogganu, qajeelchuu, eeyyamuu fi dhorku ilaalchisee namoota irratti raawwatiinsi qabaatu hundagaleessa ta'uu qaba jechuudha.Hima biraatin seerri kan bahuuf amala yookiin gocha nama tokkoo bu'ureeffatee osoo hin taane amala waliigalaa hawaasa naannoo tokkoo bu'ureeffatee ta'uu qaba jechuudha. Namoota amala seerri dhoorku yookiin hayyamu sana qaban hunda irratti raawwatiinsa qabaachuu qaba.
Hundagaleessummaan seeraa haalli ittiin ibsamu inni biraa yeroo fi iddoo hojiirra oolmaa seerichaatinidha. Kunis guyyaan hojiirra oolmaa seera tokkoo seera baastotaan ifaan taa'e guyyaa sana gidduutti wantootni raawwataman kamuu seerichaan hoogganamuu qabu kan jedhuudha. Guyyaa hojiirra oolmaa ifaan taa'e sanarraa eegalee wantootni raawwataman hundi isaanii seerichaan hogganamuu qabu.Yeroon hojirra oolmaa dhimma tokkoof amma, kaanif immoo yeroo biraa osoo hin taane dhimmoota hogganu hunda irratti yeroma tokko raawwatiinsa qabaachuu qaba.Akkasumas, seerri bahu tokko iddoo beekamaa yookiin addaa tokko irratti raawwatiinsa akka qabaatuuf yoo tumameyyuu, iddoo sana keessatti akka waliigalaatti raawwatiinsa qabaachuu qaba.

### 2.2.2. Tilmaamawaa Ta'uu (Predictability of law)

Qajeeltoon seerri ittiin madaalamu inni biraa tilmaamawaa ta'uu isaati. Kunis seeronni bahan haala qabatamaa yeroo seerichi bahutti hawaasa keessatti mul'atu hubannoo keessa kan galche ta'uu qaba kan jedhuudha. Seerri bahu tilmaamawaa ta'uu yoo baate hawaasni dhimma isaanii haala qabatamaa jiruun gaggeessuu waan hin dandeenyeef jireenya isaanii keessatti rakkoo tasgabbii uumuu danda'a.Hojirra oolchuuf rakkisaa ta'a. Seerichi rakkoo kan furu ta'uun hafee mataa isaatin rakkoo ta'uu danda'a. Kanaaf, seerri yoo wixineeffamu haala qabatamaan yeroo sanatti hawaasa keessatti mul'atu; akkasumas, gara fuulduraatti dhufuu danda'a kan jedhu,bu'aa fi miidhaa geessisuu danda'u tilmaamuun wixinaa'u qaba.

### 2.2.3. Iftoomina Qabaachuu (Transparency)

Qajeeltoon biraa seerri ittiin madaalamu iftoomina qabaachuu isaati. Kunis kan ittiin ibsamu hirmaannaa qaamoleen dhimmi ilaallatu adeemsa seera baasuu keessatti taasisanii fi dhimmicharratti odeeffannoo gahaa qabaachu isaanitin. Akkasumas, seerri tokko iftoomina qaba kan jedhamu akka salphaatti qaamolee seera baasan, rawwachiisan, hojiitti hiikanii fi seericha irraa kallattiinis ta'ee al-kallattiin fayyadamoo ta'aniin yoo hubatame dha. Hojii wixineessa seeraa keessatti qaamolee dantaa qaban hunda mariisisuu fi hirmaachisuun iftoominni gama seera bahuun akka jiraatuu fi hubannoo seera wixinaa'aa jiruu hawaasni dursee akka beekuuf kan gargaaru dha.

### 2.2.4. Madaalawaa (Proportionality)

Seerri tokko yemmuu bahu faayidaan hawaasaaf argamsiisuu fi miidhaan geessisu kan walmadaaluu ta'uu danda'uu qaba. Kana jechuunis faayidaa fi miidhaan seerichi qabus kan ittiin beekkamu haala jireenya hawaasaa qabatamaan jiru waliin walbira qabuun madaaluudhaan ta'a. Seerri wixinaa'u madaalawaa ta'uu yoo baate raawwatamummaa fi bu'aa qabeessummaan isaas gaaffii keessa kan galu ta'a.

Kanaaf, wixineessaan tokko seera yemmuu wixineessu yookiin wixinee qophaa'e yemmuu ilaalee sirreessu qajeeltoowwan wixinee seeraa armaan olitii ibsaman guutamuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.Qajeeltoowwan kana bu'uura godhachuun wixinee seeraa ofii hojjatu madaaluu qaba.Wixineewwan seeraa manneen hojiiadda baddaa irraa isaaf dhihaatanisbu'uura qajeeltoowwan kanaatiin madaaluu fi sirreessuu qaba.

## BOQONNAA SADII

## Qaama Seera Wixineessu, Ulaagaalee Wixineen Seeraa Guuttachuu Qabuu fi Dirqama Manneen Hojii

### 3.1. Qaama Seera Wixineessu

Biyyoota sirna seeraa komanii fi siivilii hordofan keessatti qaamni seera wixineessu adda addummaa kan qabuudha. Biyyoota sirna seeraa komanii hordofan keessatti seerri kan wixinaa'u giddugala wixineessa seeraa dhimma kanaaf hundaa'eni.Giddugaleessi kunis ogeessota gosa adda addaatin kan guutame yoo ta'u hojii wixinee seeraa jalqabaa hanga dhummatti ni hojatu (exclusivity). Ogeessotni giddugaleessa kana keessatti seera wixineessanis leenjii yeroo dheeraa fi bal'aa (long and extensive training) kan fudhatanii zfi muxxannoo guddaa warra qabaniidha. Giddugaleessi wixineessa seeraa kunis

biyyoota adda addaa keessatti maqaa adda addaatin beekkama. Fakkeenyaaf biyya Ingilizii keessatti '*Parlamentary Counsel Office*', Ameerikaa keessatti '*Legislative Counsel*', Hong Kong keessatti immoo '*Law Drafting Division*', Ayerlaandii Kaabaa keessatti Giddugala Wixineessa Seeraa (*Centeral Drafting Office)* jedhamuun beekkama. Itti gaafatamummaan giddugaleessa kanaas akkuma haala biyyaatti Ministeera Haqaa yookiin qaama biroof ta'a.

Biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan keessatti giddugaleessi wixineessa seeraa of danda'e (central independent drafting body) hin jiru.Biyyoota kana keessatti Ministaronni kamuu ogeessota wixinee seeraa ofii isaanii qabu waan ta'eef dhimma hojii isaani ilaallatu irratti seera wixineessuun yemmuu barbaachise ogeessotuma isaaniitu wixineessa. Ogeessonni kunis leenjii yeroo dheeraa kan fudhatani miti. Yeroo ammaa garuu xiyyeeffannoo mootummoonni hojii qophii wixinee seeraa irratti taasisa jiraniin ogeessonni hojii kana irratti hirmaatan leenjii akka argatanii ta'aa jira.

Biyya keenya keessatti haalli wixineessa seeraa biyyoota sirna seeraa siivilii hordofan wajjiin walfakkaatiinsa kan qabuudha. Biyya keenya keessatti giddugaleessi wixineessa seeraa of-danda'ee dhaabbate hin jiru.Sadarkaa Federaalaatti Ministeerri kamuu dhimma mana hojii isaa ilaallatu irratti aangoo seera burqisiisuu akka qabu Labsii Aangoo fi Hojii Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Lak.916/2008 Keewwata **10(1) (A)** jalatti tumameera.Dambiin Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa lak. 3/1998 keewwata 50(1) jalatti kan tumames kanuma kan deeggaruudha. Gama biraatin, Qajeelfama Sirna Hojii Mana Maree Ministeerotaan bahee jiruu irratti wixineen seeraa kan qophaa'u *ogeeyyii mana hojii seerri akka bahuuf barbaadaniin* akka ta'e Qajeelfamicha keewwata 43(1) jalatti tumameera. Kanaafuu sadarkaa Federaalaatti wixineen seeraa kan qophaa'u manuma hojii seerri akka bahuuf barbaadu sanaan ta'a jechuudha.

Haata'u malee Ministeerri Haqaa Federaalaa hojii qophii wixinee keessatti karaa sadiin hirmaannaani taasisa. Karaan tokkoffaan, bu'uura Labsii Aangoo fi Hojii Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Lakk.916/2008 Keewwata 16(3)tin Ministeerri Haqaa, mootummaa Federaalaa fi Naannoleetin gaaffin yemmuu dhihaatuuf wixinee seeraa qopheessuun *deeggarsa ni taasisa*. Karaan lammaffaan, Ministeerri Haqaa akkuma Ministeera biroo kamiiyyuu dhimmoota hojii isaa ilaallatu irratti wixinee seeraa niqopheeffata. Karaan sadaffaan, immoo Ministeerri Haqaa wixinee Ministeeroota biraatin qophaa'e irratti yaada fooyya'iinsaa kennuun kan hirmaatu ta'uudha.

Ministeerri Haqaa wixinee seeraa seektaroonni qopheeffatan hunda irratti yaada fooyya'iinsaa kennuu akka qabu tumaan seeraa dirqisiisu jiraachuu baatus seeronni Ministeeronni wixineessan tumaalee balleessaawwan yakkaa haaraa kan hundeessan yookiin adabbii kan murteessan yookiin kan dur ture kan fooyyeessan kan hammate yoo ta'e seera yakkaa waliin kan deemanii fi sirrii ta'uu mirkaneessuuf Ministeera Haqaa waliin mariin gaggeeffamuun dirqama akka ta'e Qajeelfama Hojii Mana Maree Ministeerotaa keewwata 42(5) (B) jalatti tumameera. Dabalataanis qajeelfamichi ministeerri haqaa wixineewwan manneen hojiitin qophaa'an tumaalee heera mootummaa kan hin faallessine ta'uu mirkaneessuu akka qabu ni tuma. Sadarkaa federaalaatti wixineewwan manneen hojii qopheeffatan hundi Ministeera Haqaatin ilaalamuu akka qaban seerri dirqisiisu jiraachuu dhabuun wixineewwan tokko tokko Ministeerri Haqaa osoo hin beekne mana maree ministerootaaf dhihaataa turaniiru. Marii ManaMaree Ministerootaa irratti Ministeerri haqaa yaada akka irratti kennu yemmuu gaafatamu hin beeku jechuun waan dhufeef rakkoo kana hambisuuf yeroo ammaa wixineewwan kamiiyyuu Ministeerri Haqaa yaada itti osoo hin kennin Mana Marichaaf darbuu akka hin qabne sarkulaariin darbeera.

Qabatamaanis yeroo ammaa sadarkaa Federaalaatti kan raawwatamaa jiru Ministeeronni wixinee seeraa ogeeyyii ofii isaanitiin qopheeffatanii gara Ministeera Haqaatti fidu. Ministeerri Haqaa sirrummaa wixinichaa ilaalee yaada fooyya'iinsaa mana hojichaatiif barreeffamaan kenna.Manni hojichaas yaada kenname fudhachuun wixinicha fooyyessuun gara Garee Gorsaa Dhimmoota Seeraa Mana Maree Ministarootaaf erga.As irratti Ministeerri Haqaa yaada fooyya'iinsaa kennaaf malee wixinicha ofii isaatiif hin sirreessu.Gama biraatin Ministeerri Haqaa wixinee seera akka qopheessu mootummaan yemmuu gaafatamu yookiin wixinee seeraa mataa ofii yemmuu qopheeffatu qo'annoo gaggeessuun wixinee seeraa qopheessuun Garee Gorsaa Seeraa Mana Maree Ministeerootaaf erga.Hojiin qophii wixinee kunis Ministeera Haqaa keessatti Daarektoreetii Qo'annoo fi Qophii Wixinee Seeraa jedhamuun raawwatama.

Haata'u malee sadarkaa Federaalaatti hojiin kun barmaatilee kan hojjatamu malee sirni diriire hin jiru. Maanuwaaliin hojiin kuni ittiin hogganamu hin jiru.Ulaagaaleen wixineewwan seeraa gara Ministeerichaa dhufan guuttachuu qaban; sirni simannaa fi hojmaataa diriire tokkollee hin jiru.

Sadarkaa naannoleettis hojiin qophii wixinee seeraa walfakkaatinsa hin qabu.Naannoo Tigraayitti Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaawixineewwan seektaroonni qopheeffatan ilaalee sirreessuun gara waajjira Pirezidaantiitti erga.Mootummaan yoo gaafatamuu; akkasumas, wixinee seeraa mataa ofii qopheessun yemmuu barbaachisus wixinee seeraa qopheessee waajjira Pirezidaantiif erga. Hojiin kunis kan ittiin hogganamu maanuwaalii qophii wixinee seeraa qabu. Haata'u malee maanuwaalichi rakkoolee wixinee seeraatiin walqabatan hunda bifa furuu danda'uun kan qophaa'e akka hin taane ogeessota Manai Hojichaaa irraa hubatameera. Naannoo Amaaraatti immoo labsiin qaamolee raawwachistuu mootummaa naannichaa Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaanaannichaa mootummaan yemmuu gaafatu wixinee qopheessuun *deeggarsa ni taasisa* jedha. Kunis muuxannoo federaalaatin kan walfakkaatuudha. Gama biraatin muuxannoo Naannoo Sabaa fi Sablammii Ummattoota Kibbaa kan agarsiisu Manni Hojii Abbaa Alangaa WaliigalaaNaannichaa qaama mootummaa naannichaatiif seera kan wixineessu akka ta'e Labsii Aangoo fi Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Sabaa fi Sablammii Ummattoota Kibbaa irra Deebiin Murteessuuf bahe lakk. 133/2003 irratti ibsameera. Haalli qabatamaan yeroo ammaa jiru seektaroonni wixinee seeraa qopheeffatanii Adeemsa Hojii Gorsa, Hordoffii fi Deeggarsa Seeraa waajjira pirezidaantii naannichaa keessatti argamuuf ni ergu. Adeemsichis wixineewwan dhihaatan ilaalamanii akka sirraa'aniif Biiroon Haqaaf ni erga. Manni Hojichaas wixinee dhihaate ilaalee sirreessuun waajjira pirezidaantiif deebisee erga. Haata'u malee yeroo ammaa wixineewwan manneen hojii irraa dhihaatan hanqinoota baay'ee waan qabaniif Manni Hojichaa hojii qophii wixinee seeraa jalqabaa hanga dhumaatti ofii isaatii raawwachuuf deemaa kan jiru ta'uu ogeessota Manai Hojichaaa ni ibsu.

Sadarkaa naannoo Oromiyaattis Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa dhimmoota hojii mana isaanii ilaallatu irratti aangoo seera burqisiisuu akka qaban Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu fi Aangoo fi Hojii isaanii Murteessuuf bahe labsii lak.**199/2008 keewwata 15(1)** jalatti tumameera. Labsicha keewwata **58(5)** jalattis hoggantootni qaamolee raawwachiistuu hojii isaanii sirnaan gaggeessuuf seera baasuun barbaachisaa ta'ee yemmuu argamu wixinee seeraa burqisiisuun qaama dhimmi ilaaluuf akka dhiheessan tumameera.Haata'u malee akkaataa Qajeelfama Mana Maree Ministerootaa keessatti ibsameen sadarkaa Naannoo Oromiyaatti hojii wixinee seeraa qaamni hojjatu eenyu akka ta'e irratti iftoominni hin jiru.Dambiin Hojiimaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo

Oromiyaa lakk.131/2003 keewwata 15 jalatti qaamni wixinee qopheessu ulaagaa guutuu qabu haa tarreessu malee qaamni kuni eenyu akka ta'e ifatti hin keenye.

Gama biraatin Manni Hojii Abbaa Alangaa WaliigalaaOromiyaa mootummaadhaan yemmuu gaafatamu yookiin ofii isaatii wixinee seeraa akka qopheessu; akkasumas, wixinee seeraa qophaa'e irrattis yaada seeraa akka kennu yookiin sirreessuun qaama dhimmi ilaaluuf akka dhiheessu labsii lakk.1**99/2008 keewwata 24(5)** jalatti tumameera.Kanarraa kan hubannu akka naannoo Oromiyaattis manneen hojii wixinee seeraa ofii kan qopheeffatan yoo ta'u Manni Hojii Abbaa Alangaa WaliigalaaOromiyaa wixinee isaan qopheessan irraa fuudhee ilaaluun sirreessuun waajjira pirezidaantiif erga. Wixineewwan manneen hojii qopheessan hunda ofitti fudhatee ofii isaatii sirreessee waajjira Pirezidaantiif kan ergu waan ta'eef itti gaafatamummaan Manni Hojichaa qabu olaanaadha. Kana malees Manni Hojichaa wixineen seeraa akka qophaa'u mootummaadhaan yemmuu gaafatamu yookiin wixinee seeraa mataa ofii qopheessuun yemmuu barbaachisetti wixinee seeraa qopheessee waajjira Pirezidaantiif erga.

### 3.2. Ulaagaalee WixineenSeeraa Guuttachuu Qabu

Ulaagaa wixineen seeraa tokko guuttachuu qabuun walqabatee sadarkaa naannoo Oromiyaatti seera tumamee jiru keessaa tokko Dambii Akkaataa Gurmaa'ina, Hojmaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk.2/1998 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe Lakk.3/2001 dha. Bu'uura dambii kanaatiin aangoon seera burqisiisuu adda durummaa kan Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa akka ta'ee fi qaamoleen akka , Af-yaa'ii, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Koree DhaabbiiCaffichaa, Qaamolee Mootummaa Itti Waamamni isaanii kallattiin Caffeef ta'e dhimmoota seerri irratti bahu irratti yaada dhiyeessuu ni danda'u. Kana malees dambichi wixineen kamiiyyuu afaan sadiin qophaa'ee dhihaatuu akka qabuu; fi dhimmoota akka barbaachisummaa wixinichaa, tarreeffama qabiyyee wixinichaa fi wixineen seerichaa yoo hojiirra oole qabeenya mootummaa irratti dhiibbaa yookiin bu'aa inni uumuu fi kkf qabaachuu akka qabu ni tuma (Dambicha keewwata 37). Dambichi kallattiin seerri wixineeffamuun dura qo'annoon gaggeeffamuu qaba jechuu baatus seerri wixineeffamu tokko qorannoon deeggaramuu akka qabu ni agarsiisa.

Ulaagaa wixineen seeraa tokko guutachuu qabu seerri tumu inni biraa Dambii Hojiimaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.131/2003 dha.Bu'uura dambii kanaatin qaamni wixineen seeraa akka qophaa'u yaada burqisiise,

duraan dursee barbaachisummaa fi kallattii isaa irratti *walitti qabaa*mana marichaa wajjiin mar'iachuu qaba.Wixinichi akka qophaa'u hayyama walitti qabaa mana marichaa argachuun dirqamaadha.Kana malees, qaamni wixinee seeraa qopheesse qo'annoo wixinichaa qopheessuuf gaggeeffamee fi qajeelfama wixinee wajjiin Biiroo Haqaatiif dhiyeessuun ogummaa seeraatiin ilaalamee akka sirraa'u taasisuu qaba.Walumaagalatti wixineen seeraa hundi Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa fi Afaan Ingiliiziidhaan qophaa'ee ibsa yaada bu'uura wixinichaa fi qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffame wajjiin ta'uu qaba.Kanaafuu akka waliigalaatti Dambii mana maree kana irraa hubachuun kan danda'amu wixineen seeraa kan qophaa'u manneen hojii mootummaatiinta'uu fi manneen hojii kunis wixinicha qopheessuuf dursa walitti qabaa mana marichaa hayyamsiisuu akka qaban; hayyama erga argatan booda wixinicha afaan sadiin qopheessanii qajeelfama wixinee fi qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffame waliin Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaattierguu kan qaban ta'uudha (Dambicha keewwata 15).

Haata'u malee haala qabatamaa amma jiruun manneen hojii wixinee qopheessanii gara Manai Hojichaaa fidu malee yeroo baay'ee qo'annoon deeggaranii hin dhiheessan.Qajeelfama wixinees qopheessanii Manai Hojichaaaf hin ergan.Kunis qabatamaan bu'uura tumaalee armaan olitti ibsaman kanaan hojjatamaa kan hin jirree ta'uu kan agarsiisuudha. Kanaaf seera gahumsa qabuu fi bu'aa qabeessa ta'e wixineessuuf dhimmootni lamaan armaan gadii xiyyeeffannoo argachuu qabu:

#### 3.2.1. Qo'annoo Gaggeessuu

Seerrikanwixinaa'u fi tumamu rakkoowwan gama siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaan hawaasicha keessatti muudatee jiruuf furmaata fulla'aa fi dhama qabeessa ta'e gama seeraan kennuufi dha. Kanaaf, seera osoo hin baasiin dura qo'annoo barbaachisaa ta'e gaggeeffamuu qaba.Akkuma asii olitti ilaalle akka naannoo keenyaatti barbaachisummaa qo'annoo irratti amanuun wixinee seeraa qopheessuuf qo'annoon akka barbaachisu kan taasisu haguuggiin seeraa kan kenneefii jiru dha (Dambii lak.131/2003 keewwata 15(c).Waan ta'eefis qaamni seera burqisiise seericha wixineessuun dura barbaachisummaa seerichaa, bu'aa fi miidhaa seerichi yoo bahe dhufuu danda'u irratti qo'annoo gaggeessuun wixineen seeraa gahumsa qabuu fi bu'aa qabeessa ta'e akka hojjatamu gochuu qaba.

### 3.2.2. Qajeelfama Wixinee (Drafting Instruction)

Akkuma armaan olitti ilaalle wixineen seeraa qophaa'uun dura qaamni seera burqisiise qajeelfama wixinee seeraa kennuu qaba.Qajeelfamni wixinee Seeraa ragaa yookiin odeeffannoo seektarri yookiin qaamni seericha burqisiise wixineessaaf kennuudha. Kunis ogeessi seericha wixineessu seera kaayyoo fi imaammata mootummaa galmaan ga'uu danda'uu fi bu'aa qabeessa ta'e akka qopheessuu danda'u kan gargaaruudha. Gama biraatin qajeelfama wixinee kennuun adeemsa ittiin ragaalee fi odeeffannoon dhimma wixinichaa ilaallatu Adeemsa wixinicha qopheessuuf yookiin ilaaluuf itti kennamudha. Odeeffannoon kennamus haala guutuu fi ifa ta'een rakkoo seerichi furuuf yaadame wixineessaa kan hubachiisu; kaayyoo fi galma seerichi barbaade haala guutuu ta'een kan ibsuu ta'uu qaba. Walumaagalatti qajeelfamni wixinee qajeeltoowwan afran armaan gadii irratti hundaa'ee kennamuu qaba. Isaanis:

1) Seericha wixinaa'u ilaalchisee odeeffannoo guutuu fi gahaa ta'e qabaachuu;
2) Kaayyoo bu'uuraa seerichaa ifaa fi haala guutuu ta'een kaa'uu; wixineessaan kaayyoo bu'uura seerichaa hubatee shakkii tokko malee seericha wixineessuu haala isa dandeessisuun ibsuu;
3) Haala kaayyoon bu'uuraa kuni galma itti gahu kaa'uu qaba. Kunis seerichi akkamitti hojirra oola? Qaamni hojirra oolchu kami? Aangoo fi Gahee hojii akkamii qabaachuu akka qabu agarsiisuu; fi
4) Dhiibbaa seerrichi qaamolee duraan jiran adda addaa irratti geessisu agarsiisuu qaba. Kunis mana hojii duraan jiru kan diigu, aangoo fi gahee hojii fudhachuu yookiin kennuu fi kkf agarsiisuu qaba.

### 3.2.3. Qabiyyee Qajeelfama Wixinee

Qajeelfamni wixinee qabxiilee armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:

- Odeeffannoowwan duuba seerichaa (background information) kanneen akka rakkoo qabatamaa seerichi furuuf bahuu, kallattii furmaataa fi seerichi yemmuu bahe faayidaa hawaasaaf qabu ibsuu qaba.
- Seerotni dura turan akka fooyya'aniif yookiin seerri haaraan akka bahuuf yookiin kanneen dura jiraniif ilaalchi akka kennamuuf kallattii agarsiisuu qaba;
- Seericha baasuun imaammata mootummaa hojiirra ooluu danda'u ibsuu qaba.
- Wixineessaa dhimma sanarratti hojjetu qajeelchuu qaba;

- Wixinichi dursa argachuu (legislative priority) sababa dursi kennamuuf qabu ibsuu qaba. Kunis yeroo wixinichi itti xumuramuu qabuu fi sababa isaa ta'uu danda'a.
- Wixineen seera haara baafamuuf jedhu yookiin kan duraan ture fooyyessuuf jedhu kun seerota duraan turan haqsiisuu yookiin fooyyessisiisuu kan danda'u yoo ta'e dhiibbaa kana agarsiisuu qaba. Fakkeenyaaf labsiin duraan jiru yoo fooyya'a ta'e dambii fi qajeelfamoonni bu'ura labsii duraanitiin bahan maal ta'u? Qaamoleen bu'uura labsii yookiin dambii duraanitiin hundaa'an maal ta'u kan jedhu ibsuu qaba.
- Aangoo fi gahee hojii mana hojii wixinichi qophaa'uufi ibsuu qaba.
- Wixineen seeraa hojii seektera mootummaa biraa irratti dhiibbaan geessisu yoo jiraate sektera akkasii kana mariisisuu (consultation) isaa agarsiisuu qaba.
- Qabxiin yookiin ijoon dhimma wixinee seerichaa wajjin wal qabatu hin murtoofne yoo jiraate dhimmuma kana hubachiisuu fi murtichis yoom akka kennamu agarsiisuu. Dhimma ajandaa ta'ee mana maree bulchiinsa mootummaa Naannichaatiin hin qabsiifamnee fi mariin isaa hin xumuramne; akkasumas, dhimma imaammatni duuba isaa jiru irratti mari'atamee hin raggaasifamne irratti seerri akka bahuuf qajeelfama wixinee kennuun hin danda'amu.
- Seerri wixinaa'u gaaffii ijoo siyaasaa yookiin duudhaa hawaasaa kaasuu danda'a yoo ta'e haala addaatiin akka ilaalamuu fi iccitiin akka qabamu ibsamuu qaba.
- Wixineen seerichaa yeroon itti hojiirra oolu (entry into force) haala baratameen alatti gara fuulduraatti akka ragga'u kan barbaadamu yoo ta'e, kun ibsamuu qaba.
- Seera haara baafamuun yookiin fooyyeffamuun dirqamni ykn dhimmi gara qaama seera haaraa kanaan hundeeffamutti dabarfamu ykn akkuma duraan turetti itti fufsiisuun barbaadamu yoo jiraate (transitional arrengements) ifa gochuu qaba.
- Daangaa iddoo seerichi raawatiinsa itti qabaatu. Fakkeenyaaf seerichi haala addaatin daangaa oromiyaatii alattis dhimmoota raawwataman irratti raawwatiinsa kan qabaatu yoo ta'e ibsamuu qaba.
- Yaadni seera haaraa qopheessu yookiin kan duraan ture fooyyessuu walitti qabaa mana maree bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaatin kan mirkanaa'e ta'uun, fi guyyaan murtaa'e agarsiifamuu qaba.

- ❖ Nama mana hojii seerri bahuuf keessa dhimmicha irratti wixineessaa waliin qunnamu (contact person) ibsuu qaba.

### 3.2.4. Barbaachisummaa Qajeelfama Wixinee

- ❖ Manni maree bulchiinsaa seerri bahaa jiru sun imaammata duuba isaa jiru haala sirrii ta'een calaqqisuu isaa ittiin to'achuu fi mirkaneeffachuuf (cabinet control) ni gargaara;
- ❖ Qaamni seera burqisiise dhimmoonni seericha keessatti akka hammataman barbaadu qixa sirrii ta'een hammatamuu isaanii mirkaneeffachuuf ni gargaara;
- ❖ Qaamoleen mootummaa biraa dhiibbaan wixinichi isaan irratti uumamu yoo jiraate carraa itti haalicha madaalan ni uumaaf;
- ❖ Barreeffamaan kan qophaa'u waan ta'eef qaamni yookiin seektarri seericha burqisiise (sponsoring body) carraa itti irra deebi'ee dhimmicha xiinxalu ni kennaaf fi
- ❖ Wixineessaa kaayyoo fi imaammata seerichi galmaan gahuu barbaade ni hubachiisa, ni qajeelcha.

## 3.3. DirqamaManneen hojii Wixineen Seeraa Qophaa'uf

Akkuma asii olitti ibsuuf yaalametti seerri gahumsa qabuu fi bu'aa qabeessa ta'e akka wixinaa'u gochuuf wixinicha qopheessuun dura ulaagaaleen barbaachisaa ta'an guutamuu qabu. Waan ta'eefis wixineen seeraa tokko osoo Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa hin dhufin dura ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qaba:

1) Manneen Hojii wixinee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaattifidan hundi karoora wixinee seeraa bara hojii tokko keessatti qopheessuuf karoorfatan jalqaba bara bajataatti Manni Hojichaa beeksisuu;
2) Manni Hojii wixinee seeraa dhiyeeffatu kamiyyuu akkaataa istaandaardii yeroo JBAH Biiroo Haqaatiin taa'een wixineen seeraa tokko itti hojjetamee xumuramu kabajuu qaba. Haata'u malee, manneen hojii wixinichi haala adda ta'een yeroo itti hojjatamee xumuramuu qabu sababa gahaa waliin yoo dhiheeffatan ilaalamuufii ni danda'a.
3) Dhimma seera irratti baasuuf yaadan irratti qorannoo gadi fageenyaan adeemsisuu; haala qabatama jiru sirriitti xiinxaluun dhimmichi seera baasuudhaan yookiin seera hojirra jiru fooyyessuudhaan qofa fala kan argatu ta'uu isaa mirkaneeffachuu;

4) Dhimmicha irratti walitti qabaa mana marii bulchiinsaa mootummaa naannoo Oromiyaa mariisisuun hayyama isaa argachuu, kun ta’uu isaas qajeelfama wixinee kennan keessattii fi xalayaa gaggeessituu wixinicha ittiin erganiin ibsuu;
5) Manneen hojii wixinee seeraa dhiheessan kamiiyyuu wixinicha afaan sadiin (Afaan Oromoo, Amariffaa fi Ingiliffaan) qopheessuun dhiyeessuu;
6) Wixineen seeraa dhiyaatu kamiyyuu qorannoo seericha wixineessuuf gaggeeffamee fi qajeelfama wixinee (drafting instruction) wajjin dhiyaachuu qaba. Ragaalee kanas*hardi Koppii fi softi koppiidhaan* dhiheessuu;
7) Barreeffamni wixinichaas caaseffama (structure) fi boca (style) seeraa kan *hordofe, gosa barruu qubee (font style), Times New Roman, guudinna qubee (font size) 12*, bal'ina sarara gidduu jiru *(line space) 1.5* tin haala walfakkaatuun dhiheessuu;
8) Maqaa nama wixinicha hordofuu(contact person) wixinicha ilaalchisee Manai Hojichaa waliin quunnamuuf ramadame ibsuu;
9) Manni hojii wixinee seeraa dhiyeeffate kamiiyyuu sirreeffama adeemsa wixinee seeraa irraa kennameef fudhachuun ***yeroo kaa'amee fi akkaataa*** jedhameen sirreessee deebisuu;
10) Manni hojii kamiiyyuu hojii wixinee seeraa bu'aa qabeessa taasisuuf deeggarsa barbaachisu hunda taasisuu.

### 3.4. Tartiiba hojiiwwan gurguddoo boqonnaa kana keessatti Raawwatamanii fi Qaama Raawwatu

| T. L. | Hojii Hojjatamu | Qaama Raawwatu |
|---|---|---|
| 1 | Rakkoolee hojiiwwan aangoo mana hojichaa ta'an bifa bu'aa qabeessa ta'een akka hin raawwatamne taasisan qo'annoodhaan adda baasuu | Mana hojii wixineen qophaa'uuf ykn mootummaa |
| 2 | Rakkooleen adda baafaman kanneen seera baasuu qofaan furmaata argachuu kan danda'an ta'uu adda baafachuun yaada wixinee seeraa burqsiisuu | Mana Hojii wixinichi qophaa'uuf ykn mootummaa |
| 3 | Wixineen seeraa akka qophaa’u Walitti qabaa Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa hayyamsiisuu | Mana hojii wixinichi qophaa’uuf |
| 4 | Wixineen Seeraa akka qophaa'u Qajeelfama wixinee kennuu | Hoogganaa mana hojichaa ykn nama inni bakka buusu ykn mootummaa |

| | | |
|---|---|---|
| 5 | Wixinee seeraa qopheessuu, hojii qophii wixinee kana keessatti qaama dhimmi ilaalu waliin mariin gabbisuu, wixinicha afaan Amaariffaa fi Ingliffaatti hiikuu | Ogeessota mana hojichaa ykn ogeessota manni hojichaa filatu ykn wixinicha kan qopheessu Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaayoo ta'e Ogeessota Biirootiin |
| 6 | Wixinee afaan sadiin qophaa'e, ragaa walitti qabaan hayyamamuu agarsiisu, qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffamee fi qajeelfama wixinee waliin soft koppii fi hard koppiidhaan Biiroo Haqaatiif erguu | Mana hojii Seera burqisiisuun wixinicha qopheesse |
| 7 | Wixinee seeraa qophaa'e sirrummaa isaa kallattii hundaan ilaaluu, qaama wixinicha qopheesse waliin marii taasisuu, wixinicha sirreessuun xumuruu | Biiroo Haqaa |
| 8 | Wixinee Qophaa'e yookiin sirraaye waajjira pirezidaantiif erguu | Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa |

## BOQONNAA AFUR

## Adeemsa Wixineessaa fi Caaseffamaa Seeraa (Drafting Process and Bill Structure)

Boqonnaa sadaffaa jalatti wixinee seeraa eenyu akka qopheessu; wixineen seeraa qophaa'uun dura ulaagaalee guutamuu qabanii fi dirqamoota mana hojii wixinee seeraa Biiroo Haqaattidhiheeffatanii ilaallee jirra.Boqonnaa kana keessatti immoo wixineen seeraa yemmuu Manai Hojichaaan qophaa'u yookiinmanneen hojiitiin qophaa'ee ulaagaa barbaachisu guuttatee yemmuu dhihaatu hojiwwanii fi adeemsaalee wixineessaan (drafter) jalqabaa hanga dhumaatti raawwatu ni ilaalla.

### 4.1. Adeemsaale Gurguddoo Qophii Wixinee Seeraa

Adeemsi wixineessaa (drafting process) sadarkaalee (stages) shan qaba. Isaanis: sadarkaa hubachuu; sadarkaa xiinxaluu; sadarkaa qindeessuu; sadarkaa wixinee isaa bocuu fi gabbisuu; fi sadarkaa qulqulleessuun yookiin madaaluun goolabuu jedhamu. Sadarkaalee wixinee seeraa kanas tokko tokkoon yemmuu ilaallu:~

#### 4.1.1. Fedhii Qaama Seera Burqisiisee Hubachuu (Understanding the intention of the initiator)

Sadarkaa kanattiwixineessaan wixinee ofii kan qopheessu yoo ta’e, qo'annoo dhimma kanaaf gaggeeffamee fi qajeelfama qophii wixinee seeraa kenname sirriitti hubachuu qaba. Gama biraatin wixineen seeraa manneen hojiitiinkan qophaa'e yoo ta'e, wixineessaanqo'annoo manni hojichaa wixinicha qopheessuuf gaggeesse, fi qajeelfama qophii wixinee seeraa kenname ilaalun; akkasumas, marii mana hojichaa waliin taasisuun hubachuu qaba. **Bu'uuruma kanaan sadarkaa kanatti wixineessaan:**

1) Rakkoo seerichaan furamuuf yaadamee fi seerichi yoo bahe imaammata mootummaa hojirra oolu maal akka ta'e hubachuu;
2) Rakkoon kunis seera baasuun qofa fala kan argatu ta'uu mirkaneeffachuu;
3) Kaayyoo fi galma; akkasumas, barbaachisummaa seera wixineeffamuu sirritti hubachuu;
4) Gaaffin dhihaate seera, dambii yookiin qajeelfama haaraa baasuuf yookiin kan duraan ture haquuf yookiin fooyyessuf ta'uu adda baafachuu;
5) Walitti dhufeenya seerri wixineeffamu haala qabatamaa yeroo fi seerota biroo waliin qabu hubachuu.

### 4.1.2. Xiinxaluu (Analysis)

Sadarkaan kun wixineessaan wixinee hojjetuuf yookiin wixineessuuf sadarkaa baay'ee murteessaadha. Sadarkaa kanaatti wixineessaan dhimmoota hundaa gadi fageenyaan qoratuu fi madaaluu qaba. Akkasumas, seera akka qophaa'uyookiinsirraa'u barbaadame heera mootummaa, imaammatootaa fi tarsiimoowwan jiranii fi seerota birootin walitti kan hin buune ta'uu gadi fageenyaan xiinxaluun mirkaneeffachuu qaba. Keessattuu gaaffileen: seeronni duraan turan maal fakkaatu; seerri wixinaa'u qixa mirgootaa fi sirna heeraan diriirfameetiin maal fakkaata; fi dhimma ijoo seerichaan akka furamu barbaadamu seera baasuun alatti tooftaa biraatin fala argachuu hin danda'u jedhan sirritti madaalamuu qaba.

Dabalataanis, xiinxala dhiibbaa faallaa seerichi fiduu danda'u hunda ilaaluu fi madaaluu qaba. Akkasumas, tumaalee Heera Mootummaa Naannoo fi kan Federaalaa kan hin faallessine ta'uu; seera sana baasuuf aangoo qabaachuu fi dhabuu mana hojichaa haalaan sakatta'uu qaba. Walumaagalatti, seera qulqullina qabuu fi kaayyoo barbaadamuuf galmaan gahu basuuf xiinxalli sadarkaa kana irratti godhamu baay'ee murteessaa dha. Xiinxala kanas bu'uura qabxiilee armaan gadiitiin gaggeessuu qaba:

1) ***Xiinxala kallattii seerota hojirra jiraniin taasifamu (analysis of the existing law)***. Kunis:-
   (a) Dhimmoonni wixinicha keessatti akka hammatamu barbaadame seerota jiran keessatti kan deebii argachuu danda'u ta'uu fi dhiisuu isaanii adda baafachuu;
   (b) Seerri bahu seerota hojiirra jiran kan fooyyessu, yookiin kan haqu yookiin jijjiirama haaraa kan fidu ta'uu isaa adda baafachuu. Kunis maaltu fooyya'a? Maaltu haqama? Maaltu akkuma jirutti itti fufa? Maaltu immoo akka haara'aatti dabalama? Kallattii jedhuun xiinxaluu;
   (c) Labsiin kan fooyya'u yoo ta'e dambii fi qajeelfamoonni seera duraan ture raawwachiisuuf bahan yoo jiraatan haala kamiin akka furmaata argachuu qaban qulqulleessuu;
   (d) Aangoo fi hojii mana hojii biroo waliin kan walirra hin buune ta'uu mirkaneeffachuu.
2) ***Xiinxala kallattii heera mootummaa naannoo fi federaalaa; akkasumas, sanadoota mirga namoomaatin taasifamu.*** Kunis:
   (a) Seerri bahu kaayyoo, mul'ataa fi tumaalee heera mootummaatin kan wal-hinfaallessine ta'uu xiinxaluu;
   (b) Daangeffamuu fi addaan baafamuu aangoo qaamolee mootummaa heerichaan hundeeffamanii (separation of power) hambifata tokko malee eeguun akka irra jiru;

(c) Bilisummaawwan bu’uraa fi mirgoota dhala namaa heerichaan eegumsa argatan; mirga murtee haqa qabeessa ta’e argachuu lammiilee fi kanumaan wal qabatee qajeeltoowwan aangoo qaamolee mootummaa kamiinuu daangessan kan kabajee ta’uu isaa; fi

(d) Seerri baafamaa tumaalee heera mootummaa kan fooyyessu ta'uu dhabuu xiinxaluu.

3) ***Seera baasuun fala dhumaa ta'uu xiinxaluu (analysis of the necessity of legislation).*** Kunis dhimmi seerri akka bahuuf barbaadame seera baasuun qofaan fala kan argatu ta'uu (necessity of the law) xiinxaluu; falli biraa kan hin jirre ta'uu adda baafachuu. Seera baasuun osoo hin barbaachisin rakkoon ka'e fala argachuu kan danda'u yoo ta'e qaama seericha burqisiisetti agarsiisuu;

4) ***Xiinxala hojirra oolmaa seerichaa (analysis of practicability of legislation).*** Kunis seera wixineeffamu hojirra oolchuuf seerri biraa bahuu qabu yoo jiraate sakatta'uu; seera wixineeffamu hojirra oolchuuf dambiin yookiin qajeelfamni bahuu kan qabu yoo ta'es adda baafachuun barbaachisaadha.

5) ***Xiinxala kallattii sirna seeraatin taasifamu (analysis of the legal context of the legislation).*** Haalli seeronni biyyattii duraan ittiin wixinaa'aa ture ilaalamuu qaba. Keessattuu jechootni duraan itti fayyadamaa turamee fi baramaa ta'an dogongora yoo ta'an malee jijjiiramuu hin qaban. Jechootni waalta'aa ta'anii fi safuu hawaasaa eegan itti fayyadamuu qabna. Seerri bahu kamiyyuu jechota duraan turan kan biraatin kan bakka buusu yoo ta'e akka fooyyessuutti fudhatama waan ta'eef of-eeggannoo gochuun barbaachisaadha.

6) ***Xiinxala hariiroo seerri wixinaahu seerota biroo fi tumaalee isaa wajjin qabu adda baafachuu***;

   (a) Qabiyyeen wixinichaa ofii isaatii kan wal dubbisaa deemu ta'uu isaa (consistency within the draft);

   (b) Hariiroo sirrii qajeeltoowwanii (rules) fi tumaalee addaa (exceptions) gidduu jiraachuu isaanii;

   (c) Tumaalee walfaallessan fi irra deddeebiin (al lama) teechifaman hafuu isaanii;

   (d) Tumaalee wixinichaa biroo akka barbaachisummaa isaanitti sirnaan ibsu (clear references to other provisions) fi kkf gadi fageenyaan ilaaluu;

   (e) Wixineen seeraa 'foormii', bocaa fi ijaarsa (seeraa) barbaadamu guuttachuu isaa mirkaneeffachuu;

7) **Dhiibbaa wixinichi diinagdee, hawaasummaa fi naannoo irratti fidu qorachuu**;

8) ***Xiinxala dhiibbaa faallaa seerri wixinaa'u fiduu danda'u (analysis of potential danger of the legislative solution). Kunis:***

(a) Gahumsa seericha raawwachiisuuf jiru xiinxaluu. Kunis bahu raawwatamuu kan dada'uudha? Raawwatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e seera baasuun gatii hinqabu. Dandeetti biyyi seericha raawwachiisuuf qabdu xiinxaluu.

(b) Yaadni wixinee dhihaate mirga namoota dhuunfaa kan dhiibu yoo ta'e- mirga filannoo; al-loogummaa; faayidaalee hawaasummaa gara garaa; bilisummaa qaamaa fi sammuu; mirga haqa argachuu namootaa fi kkf kan hin daangessine ta'uu;

(c) Yaadni wixinee dhihaate mirga abbaa qabeenyummaa namoota dhiibu yoo ta'e; kana yeroo jedhamus wixinee seeraa aangoo qabeenya nama dhuunfaa keessa daangaa haqa qabeessa ta'een ol seensisu; wixinee seeraa sakatta'a qabeenyaa, qaamaa mootummaa sababaawummaan ala aangessu; qabeenyi nama dhuunfaa akka hin sochoone ittisu ykn seeraan ala mulqisiisu kamiyyuu of eeggannoon ilaalamuu qaban.

(d) Yaadni wixinee seeraa qaama raawwachiiftuuf adeemsaa heeraan kaawwamen ala yookiin hayyama/ murtee bakka bu'oota uummataatiin ala aangoo kennuuf yoo wixinaa'e. Fakkeenyaaf, aangoo murtee adabbii hidhaa hordofsiisu, aangoo taaksii fi gibira muruu fi sassaabuu.

(e) Yaadni wixinee aangoo fi hojii qaamolee mootummaa birootiin kan walitti bu'u; kan dorgommii hin malle uumuu; kana yeroo jedhamus, dantaa fi aangoo qaamolee mootummaa biroo yookiin dhaabbilee uummataa dhiibuu yoo ta'e;

(f) Wixineewwan seeraa duubatti deebi'anii akka hojjetaniif yaadamanii dhiyaatan;

(g) Wixineewwan seeraa daanga bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa ala bahan;

(h) Wixineewwan seeraa, seera yookiin baratama addunyaa wajjin walitti bu'an, qabeenya lammiilee biyya alaa adeemsa seeraa malee mulqisiisan;

(i) Yaada wixinee seeraa adeemsota wal xaxoo fi barbaachisaa hin taaneen guutaman; sababa malee nama dhamaasan fi kkf Wixineessaan wixinee sana ilaalu of eeggannoo cimaan madaaluu qaba. Wixineessaan tokko yeroo qajeelfamni wixinee fi yaadni qo'annoon deeggaramee seerri akka bahu kennameef tokko heeraan kan walfaalleessu ta'uu yookiin seera baasuun fala argachuu kan hin dandeenye ta'uu amanu tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhachuu qaba:

i. Wixineen dhihaate yookiin seerri akka bahu barbaadame heera mootummaa ni faallessa yoo ta'e qaama wixinicha qopheesse yookiin qaama seerri akka bahu yaada burqisiise waliin mari'achuun wixinichi yookiin seerrichi heerawaa ta'uu dhabuu itti agarsiisuu fi amansiisuun akka hafu yookiin sirraayu gochuu;

ii. Dhimmi seerri akka bahuuf barbaadame yookiin wixineen seeraa mana hojii qophaa'eef seeraan fala argachuu kan hin dandeenye ta'uu yemmuu amanu seeraa baasuun alatti tooftaa biraa dhimmichi fala ittiin argachuu danda'u ilaalchisee yaada burqisiisuu.

#### 4.1.3. Seera Bocuu (Designing the Law)

Xiinxaluutti aansee sadarkaan dhufu seera bocuudha.Sadarkaa kana irratti wixineessaan seerri bahuun isaa barbaachisaa ta'uu isaa erga mirkaneesseen booda hojiin itti fufiinsaan hojjatamu caasseeffama 'structure' wixinee seeraa qopheessuu ta'a. Inni kunis tarkaanfii seera wixineessuun dura fudhatamu yoo ta'u, dhimmoota seera keessatti hammatamuu qaban sana akkaataan itti wixinee seerichaa bocu yookiin kan wixinaa'ee dhiyaateef madaalus:

- Duraan dursee wixineessaan seeraa madaaluu yaadannoo gaggabaabaa (sketch/outline) seerichaa lafa kaawwata.
- Sadarkaan kun sadarkaa wixineessaan dhimmoota qabiyyee seerichaa ta'an adda itti baasuu fi bifa seeraa itti qabsiisuudha.

#### 4.1.4. Qindeessuu fi Gabbisuu (Composition and Development)

Adeemsi kunis haalaa fi qabiyyee seera bahuu bifa gaarii ta'een akka qindaa'uu fi sadarkaa adeemsa wixinee isa dhumaatti kan ceesisuudha. Sadarkaan kuni hirmaachisummaa qaamolee gara garaa kan of keessatti qabatu yoo ta'u, wixineessaan qaama wixineenakka qophaa'u gaafatee fi qaamolee biroo dhimmi ilaalatu wajjiin ta'uun wantoota irra deebiin ilaalamanii fi fooyya'an irratti mari'atu dha. Wixineessaan wixinicha ofii kan qopheessu yoo ta'e qaama dhimmi ilaalu mari'achiisuun gabbisuu qaba. Wixinichi manneen hojiitiinkan qophaa'e yoo ta'e immoo akka barbaachisummaa isaatti manneen hojii waliin mari'achuun yaada waljijjiiruu qaba.

#### 4.1.5. Qorachuu fi Madaaluu (Scrutiny and Testing)

Sadarkaa kana irratti wixineessaan kaayyoowwan qajeelfama wixinee keessatti tarreeffaman hundi gara seeraatti jijjiiramuu fi bu'uura seeraatiin teechifamuu isaanii mirkaneeffachuuf dirqama qaba. Walumaa galatti adeemsi wixinee seeraa dhimmoota imaammata keessatti hammataman gara seera qabatamaatti jijjiiruu waan ta'eef, sadarkaan kun sadarkaa itti gochaa fi dandeettiin kalaqummaa wixineessaa itti mul'atu dha. Sadarkaan kun sadarkaa hojiin itti xumuramee yeroo dhumaatiif irra deebi'amee itti ilaalamuu fi jijjiiramni barbaachisu itti taasifamuun goolabamu dha.

### 4.2. Akkaataa Gurmaa'insa Wixinee Seeraa (Bill Structure)

Akkuma waliigalaatti wixineen seeraa akkaataa armaan gaditti ta'e kanaa yaa'insa yaadaa isaa eeggatee gurmaa'uun wixinaa'uu qaba:

- Keewwatootni seericha labsan tumaalee bulchiinsaa irraa adda bahanii fi dursanii dhufuu. Fakkeenyaaf wixinichi qaama tokko hundeessa yoo ta'e jalqaba qaama hundeessuu, itti aansee aangoo fi gahee qaama hundaa'ee; sana booda immoo haala qaamni hundaa'e hojii itti hojjatutu tumamuu qaba.
- Tumaalee salphaan tumaalee walxaxoo dursuu qabu; tumaaleen adabbii salphaa tumaalee adabbii cimaa dursuu qabu. Fakkeenyaaf tumaaleen waa'ee yakka reebicha salphaan reebicha cimaa dursanii dhufuu qabu.
- Tumaaleen bu'uuraa (principal) tumaalee itti aanan irraa adda bahanii dursanii tumamuu qabu;
- Tumaaleen addaa, tumaaleen yeroo, tumaaleen seera dura jiru haqan addatti mata duree tumaalee adda addaa jedhu jalatti barreeffamuu qabu;
- Tumaaleen mirgaa fi dirqama kaa'an, aangoo ykn mirga addaa kennan, tumaalee waa'ee haala raawwii dhimmootaa (waa'ee bulchiinsaa, adeemsaa) ilaallatan dursanii caseeffamuu qabu.
- Tumaaleen yeroo baay'ee fi namoota baay'een  ammaa amma ilaalaman, tumaalee yeroo baay'ee hin barbaadamne dursanii kaa'amuu qabu
- Tumaaleen waa'ee haala dhaabbataa tokko ilaallatan, tumaalee yeroof kaa'aman dursanii caaseffamuu qabu.
- Tumaaleen waa'ee yaa'ii raawwatiinsa dhimmootaa ilaallatan akkaatanuma raawwii dhimmoota kanaatiin duraa duubaan tarreeffamuu qabu.
- Tumaan dhimma raawwachuuf seera dabalataa baasuu ilaallatu, tumaa waa'ee dhimma seerichi ilaallatuutti aanee dhufuu qaba.
- Tumaaleen waa'ee dhimmoota walfakkaataa qaban ilaallatanii kutaa ykn iddoo tokkotti walitti qabamuutu irra jira.

Walumaagalatti seerri kan wixineeffamu akkaataa armaan olitti tarraa'e kanaan duraa duuba isaa eeggatee yoo ta'uu, hojiin kunis nuffii tokko malee baafata isaa qopheessuudhaan jalqabuutiin irra deebiidhaan dubbisuun/bocu/, jala jalaa fooyyessaa deemuu gaafata. **Wixineen haala kanaan qophaa'us**:

a) Qulqullina akka qabaatu, itti fayyadamni jechootaa seer-luga sirrii akka ta'u ni taasisa.

b) Tarreen tumaalee akka sirratuu fi tartiiba sirrii ta'e akka qabaatu ni taasisa.
c) Ittifayyadamni jechoota keenyaa hiika sirrii hin taaneef akka hin saaxilamne gargaara
d) Tumaaleen wixinichaa seerota biraatin walitti bu'uu dhabuu mirkaneeffachuuf ni gargaara fi kkf dha.

### 4.3 Qajeeltoowwan Adeemsa Wixinee Seeraa

1) Wixineen seeraa haala ifaa fi salphatti namaaf galuu danda'uun qophaa'uu qaba.
2) Wixineen seeraa yemmuu qophaa'u qaama raawwachiisu fi qaama seerichi bahuuf hubannoo keessa galchuun ta'uu qaba. Kunis qaamni seericha raawwachiisu salphatti hubatee akka raawwachiisuuf akkasumas qaamni seerichi baheef mirgaa fi dirqama isaa akka beeku gochuun kaayyoon seerichaa akka galma gahu ni taasisa.
3) Keewwattootni wixinichaa bifa waldeeggaruun bocamuu qabu.
4) Tumaaleen wixinichaa hamma danda'ameen gaggabaaboo fi salphaatti hubatamuu kan danda'an ta'uu qabu.
5) Dhimma tokko ibsuuf jechi itti fayyadamnu guutuu wixinichaa keessatti tokko ta'uu qaba. Dhimma tokko jechoota adda addaa hiika walfakaataa qabuun ibsuun hin barbaachisu. Yaadrimeen tokko guutuu wixinichaa keessatti jecha tokkoon ibsamuu qaba.
6) Wixineen seeraa jechoota saala gosa tokkoo qofa agarsiisan irraa bilisa ta'uu qabu. Hamma danda'ameen maqaan, bakka maqaa jechoonni bu'an saala tokko kan ibsan ta'uu hin qaban. Kana gochuun hin danda'amu yoo ta'e ibsi saalaa jiraachuu qaba.
7) Wixineen seeraa tokko afaan adda addaatiin kan qophaa'u yoo ta'e caaseffamni wixinichaa fi hiikkon tumaaleen afaan hundaatuu qaban tokko ta'uu qaba.
8) Wixineen seeraa kamuu madda aangoo qaama seericha baasuu ibsuu qaba.

### 4.4. Gurmaa'insa Wixinee Seeraa (Bill structure)

Wixineen seeraa iftoomina akka qabaatuu fi haala salphaa ta'een akka hubatamuu danda'uuf gurmaa'ina walfakkaataa fi dhaabbataa ta'e qabaachuu qaba.Gurmaa'insi tumaalee wixinichaa logical ta'uu qaba. Kunis tartiiba ta'eewwanii kan eeggatee fi dhimmoota waliigalaa irraa gara tokkoo tokkoo dhimmootaatti yaa’iinsa loojikaawaa isaa eeggatee deemuu qaba. Kanaafuu wixineen seeraa gurmaa'ina dhaabbataa qabu yeroo baay'ee mata-duree, seensa, maqaa qaama seericha baasee, ~~~ ibsa barbaachisummaa wixinichaa, kutaawwanii fi tumaalee adda addaatin kan adda bahe, guyyaa fi iddoo hojirra itti ooluu fi mallattoo qabaachuu qaba.

Qabxiilee asii olitti ibsaman hubannoo keessa galchuudhaan gurmaa'insi wixinee seeraa akka armaan gadii ta'uu qaba.

1) **Mata Duree Dheeraa (Long Title)**

Mata-dureen wixinee seeraa gabaabaa fi ifa ta'uu qaba.Haala baratamaa ta'een mata dureen wixinee seeraa qabxiilee armaan gadii qabaachuu qaba. Isaanis: maqaa qaama seericha baasee, gosa seerichaa, lakkoofsa seerichaa, seerichi yeroo itti ragga'u, ijoo dubbii gabaabaa seerichaa. Hima biraatin mata dureen wixinee seerichi maaliif akka bahe kan agarsiisuudha. Mata durichi *seerichi hundeessuuf ykn too'achuuf ykn tumuuf ykn murteessuuf ykn dhoorkuuf* bahuu kan agarsiisuu ta'uu qaba.

2) **Seensa (Preamble)**

Mata duree wixinichaatti aanee kan dhufu seensa wixinichaati. Seensi seericha baasuun maaliif akka barbaachise kan ibsuudha. Kunis qajeelfama wixinee irraa argama. Seensi yaada waliigalaa irraa ka'uudhaan gara qabiyyee labsichaatti kan deemamu yoo ta'u kunis keewwataan (paragraphs) addaan qoodamee taa'uu qaba. Jechoonni seensa keessatti itti fayyadamnus seera waliin kan deeman ta'uu qabu. Walumaagalatti sababoonni seerichi akka bahuuf barbaachisan akka barbaachisummaa isaatti keewwata (paragraphs) adda addaatti kan qoodaman ta'ee dhumni keewwattootaas gaaleewwan ...barbaachisaa ta'ee waan argameef ...waan ta'eef, kkf xumuramuu qaba. Seerri wixinaa'u dambii yookiin qajeelfama yoo ta'e yeroo baay'ee seensi hin barbaachisu.Sababni isaas labsii dursee bahe keessatti ibsameera waan ta'eefidha.

3) **Kutaa Aangessuu fi Madda Aangoo (Citation And Enabling Clause)**

Seensatti aanee kan dhufu kutaa aangessuu (enabling clause) jedhamuudha. Kunis maddi aangoo seericha ykn dambicha ykn qajeelfamicha baasuu qaama kanaaf seeraan kennamuu kan agarsiisuudha. Seerri aangicha kennes tuqamuu qaba. Fkn bu'uura heera mootummaa kwt---- tin seerri kun baheera ykn bu'uura labsii lakk. -------Kwt---- tin dambiin kun baheera.

4) **Mata duree Gabaabaa (short Title)**

Mata-dureen gabaabaan wixinichaa maqaa wixinichi ittiin waamamuudha. Kanaaf baay'ee gabaabaa fi salphatti waamuuf kan dandeessisu ta'uu qaba. Fakkeenyaaf "Labsii dhimma hojjataaf hojjachiisaa lakk.377/2003"; "Labsii Abukaatoo Naannoo Oromiyaa Lakk.__". Dhuma irrattis labsiin kun labsii "……"***jedhamee waamama*** jedhamuu qaba. Haala baratamaan "***jedhamee waamamuu danda'a***" jechuun barreessun sirrii miti.

5) **Hiika**

Wixinee tokko keessatti irra deddeebii jechoota hambisuuf; akkasumas, iftoomina uumuuf hiikni jechootaa jiraachuu qaba. Faayidan hiika jechootaas:

(a) Irra deddeebii jechootaa hambisuuf akkasumas iftoomina uumuuf
(b) Jechoota hiika bal'aa qaban yoo fayyadamnuu hiika isaanii tumaalee keessatti iddoo hundatti hiikuu hambisa
(c) Maqaa qaamolee adda addaa guutuu tumaalee adda addaa keessatti irra deebiidhaan barreessuu hambisa.
(d) Jechoota hiika adda addaa qabaachuu danda'an hiika tokkoo fi yaada seerichaatin walsimu akka dabarsan taasisa.
(e) Jechoota ogummaa addaa barbaadanii fi namaaf akka salphaatti galuu hin dandeenye ibsuuf
(f) Haata'u malee jechoota hiika adda addaatiif hin saaxilamne hiikuun hin barbaachisu. jechoota boqonnaa wixinicha adda addaa jalatti hiikamuu danda'anis kutaa kana keessatti hiikoo kennuun hin barbaachisu
(g) jechoonni hiikkaman tartiiba qubee isaanitiin taa'uu qabu
(h) hiika keessatti tumaan seerichaa hin hammachiifamu
(i) jecha tokkoo hiikan erga kenname booda guutuu wixinichaa keessatti jechicha malee jecha walfakkaataa biraa fayyadamuu hin qabnu
(j) Jechi hiikni barbaachiseef kanaan dura seerota biraa keessatti hiikan kennameef yoo ta'e kun ta'uu ibsuun barbaachisaadha. Bu'uura hiika seera akkasii keessatti taa'e jechuun kaa'uun barbaachisaadha Hiikasana garuu irra deebinee barreessuun hin barbaachisu.
(k) Jechoota seericha keessatti itti hin fayyadamne hiikuun hin barbaachisu.

**6) Qaama wixinee Seeraa**

Qaamni wixinee seeraa caaseffama adda addaa kan qabuudha. Kunis yeroo baay'ee mata-dureewwan, boqonnaalee fi kutaalee gurguddoo fi xixiqqaa akkasumas keewwattootatti kan hiramuudha. Adeemsi isaas isa bal'aa irraa gara xiqqaatti kan deemuudha. Tumaalee seeraa kutaa muummee, mata-duree, boqonnaa, kutaalee fi kutaalee xixiqqaan kan qoodamu keewwatootni wixinichaa heddumina qabaachuu irraa kan ka'e iftoomina uumuuf ykn yaada isaan dabarsan irraa ka'amee waliitti hidhuuf yoo ta'e malee bifa kanaan gurmaa'uu hin qaban. Wixineessaanis tumaalee wixinee seeraa kutaa muummee, mata-duree, boqonnaa, kutaalee fi kutaalee xixiqqoo jalatti gurmeessuun isaatiin duratti sababni gahaan qaama seericha haala kanaan qooduu barbaachiseef mirkaneeffachuu qaba.

(1) Mata-duree dheeraan wixinichaa yeroo hunda fuula jalqabaa gubbaa irratti barreeffamuu qaba.

(2) Seensa/Preamble/

(3) Kutaa aangessuu (reference and enabling clause)

(4) Mata-duree gabaabaa wixinichaa (keewwata 1) ta'uu qaba.

(5) Hiika (definition) (keewwata 2).

(6) Yeroo tokko tokko keewata 2ffaa irratti ibsi kaayyoo (purpose section) labsichaa kaa'amuu danda'a. Haata'u malee ibsi kaayyoo, seensa keessattis waan ibsamuuf keewwata addaa kennuun barbaachisaa miti. Kanaafuu keewwatni lamaffaan yeroo baay'ee hiikakan ilaaluudha.

(7) Ibsa saalaa (gender reference) (keewwata 3). Ibsa haala saalaa ibsuun barbaachisaa ta'ee yoo argame hiikatti aansuun kan dhufu ibsa saalaati. Garuu hamma danda'ameen wixinichi jechoota ykn maqaa ykn bakka buutota maqaa saala ibsan irraa bilisa ta'uu qaba.

(8) Daangaa Raawwatiinsa Wixinichaa (keewwata 4)

(9) Tumaaleen bu'uraa ykn waa'ee dhimma ijoo seerichaa ilaallatan itti aananii dhufuu qabu

(10) Dhimmootni walfakkaatiinsa qaban kutaa tokko jalatti akkaataa duraa duubaa raawwii ykn adeemsa isaaniitiin gurmeeffamuu qabu.

(11) Tumaaleen dhimmoota bulchiinsaa fi adeemsaawwan adda addaa ilaallatan tumaalee bu'uraa (substantive provisions) tti aananii dhufuu qabu.

(12) Tumaaleen waa'ee tarkaanfii fi adabbii ilaallatan yoo jiratan itti aananii dhufu.

(13) Seerota raawwatiinsa hin qabaanne (inapplicable laws) Wixineen haaraa yoo wixinaa'u seeronni wixinichaan walitti bu'anii fi hin barbaachisne jiraachuu danda'u. Kanaafu seeronni raawwatiinsa hin qabaanne tokko tokkoon tarreessuudhaan raawwatiinsa hin qaban jedhamee teechifamuu qaba.

(14) Tumaalee ce'umsaa (saving and transition provisions). Kaayyoon tumaa kanaa dhimmoonni seerichi bahuun dura fi yeroo seerichi bahu jiran akka hin jeeqamne gochuufidha. Fakkeenyaaf, dhimmoota seerichi osoo hin bahin ykn hojirra hin oolin raawwataman irratti raawwatiinsa kan hin qabne ta'uu ykn dhimmoonni seerrichi osoo hin bahin dura jalqabaman akka ittifufan gochuu fa'a kan hammatuudha. Dhimmoonni kanaan dura jalqabaman akka hin jeeqamneef yeroodhaaf haala kamiin ilaalamuu akka qaban kan tumuudha.

(15) Yeroo hojirra oolmaa (Effective date), closing formulaIddoo, guyyaa fi bara itti ragga'eMaqaa hogganaa raggaasisee (pirezidaantii) qabaachuu qaba

# BOQONNAA SHAN

## Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Hojii Qophii Wixinee Seeraa Keessatti Qooda fudhatanii fi Istaandardiiwwan Raawwii Hojichaa

Boqonnaa kana keessatti hojii qophii wixinee seeraa keessatti gaheen hojii fi itti gaafatamummaan qooda fudhattootaa maal ta'uu akka qabu ilaalla. Kana malees istaandardiin yeroo hojiwwan qophii wixinee seeraa ittiin raawwataman maal ta'uu akka qabu ni ilaalla.

### 5.1. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qooda Fudhattootaa

#### 5.1.1. Dirqama Manneen Hojii Wixinee Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaattidhiheeffatanii

Manneen Hojii mootummaa wixinee seeraa qopheeffatanii ilaalamee akka sirraa'uuf gara Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaayemmuu dhiheeffatan ulaagaalee armaan gadii guutachuu qabu:

1) Karoora qophii wixinee seeraa bara hojii tokko keessatti qopheessuuf karoorfatan dursanii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaabeeksisuu;
2) Wixinee seeraa afaan Oromootiin Qophaa'ee fi hiikni Afaan Amaariffaa fi Ingliffaa isaa Afaan Oromoo waliin kan walsimu Softi koppii fi Hard koppiidhaan dhiheessuu;
3) Wixinee seeraa dhiheeffatan haalli addaa yoo jiraate yeroo itti hojjatamee xumuramuu qabu sababa isaa wajjiin ibsachuu;
4) Barreeffamni wixinichaas caaseffama seeraa sadarkaa fi boca seeraa kan hordofe, gosa barruu qubee (font style) Times New Roman, guudinna qubee (font size) 12, fi bal'ina sarara gidduu jiru (line space) 1.5 tin haala walfakkaatuun dhihaachuu;
5) Qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffame dhiheessuu;
6) Qajeelfama qophii wixinee seeraa ulaagaalee boqonnaa 3ffaa jalatti ibsame guuttate dhiheessuu;
7) Ibsa wixineen seeraa akka qophaa'u walitti qabaan mana maree bulchiinsa mootummaa naannichaa mariisisuun hayyamamu isaa agarsiisu dhiheessuu;
8) Maqaa namawixinicha irratti hubannoo qabuu fi mana hojichaa bakka bu'ee wixinee dhihaate irratti ibsa kennuu danda'uu ramaduu;
9) Wixineen seeraa ulaagaa hin guuttatin ykn dogongora bu'uuraa qabu akka sirraayu yemmuu gaafatamu yeroo fi akkaataa jedhameen guutanii dhiheessuu ykn sirreessuun dhiheessuu; fi
10) Hojii wixinichaa irratti deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda taasisuu.

### 5.1.2. Gahee Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa

Abbaa Alangaa Waliigalaa Mana Hojichaa gahee hojii armaan gadii ni qabaata:-

1) Wixineewwan Mana Hojii ofii isaatii qopheeffatu ilaalchisee mana Maree Bulchiinsa Naannichaa mariisisuun wixineen seeraa akka qophaa'u ni hayyamsiisa; adeemsi dhimmi ilaallatu qajeelfama wixinee akka kennu ni taasisa;
2) Qo'annoowwan Wixinee seeraa qopheessuuf gaggeeffamuu qaban ilaalchisee haala ni mijeessa;
3) Wixineewwan seeraa Manni Hojichaa akka qopheessu mootummaan gaafatame ilaalchisee qajeelfamni wixinee seeraa akka kennamu haala ni mijeessa;
4) Wixineewwan seeraa Daarektoreetichaan qophaa'an yookiin sirraa'an ni ilaala, barbaachisaa ta'ee yoo argame yaada fooya'iinsaa ni kenna; fi
5) Dandeettiin raawwachiisummaa raawwattoota Daarektoreetichaa akka cimuuf leenjiin adda addaa akka kennamu ni taasisa. Humna namaa fi meeshaalee barbaachisuu guutuun adeemsicha ni cimsa.

### 5.1.3. Gahee Hojii DaarektaraDaarektooreetii Qo'annoo, Wixinee fi Hubannoo Seeraa

DaarektarriDaarektooreetiiQo'annoo, Wixinee fi Hubannoo Seeraa hojiin qophii wixinee seeraa karaa bu'aa qabeessa ta'een akka raawwatamu abbummaadhaan kan gaggeessu ta'ee gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii qophii wixinee seeraa ni hooggana;
2) Gaaffii qophii wixinee seeraa mootummaa irraa dhihaatu yookiin wixinee seeraa seektaroonni akka sirraa'uuf dhiheeffatan ni simata;
3) Gaaffiin dhihaate wixineen seeraa akka qophaa'uuf yoo ta'e garee wixinee seeraa qopheessuu fi sirreessu ramaduun dursee qo'annoon akka gaggeeffamuu fi qo'annicha irratti hundaa'uudhaan wixineen akka qophaa'u ni taasisa;
4) Wixineen seera seektaroota irraa kan dhufe yoo ta'e ulaagaalee barbaachisan guutachuu mirkaneeffachuun wixinichi ilaalamee akka sirraa'uuf garee wixinee seeraa qopheessuu fi sirreessuutiif ni qajeelcha;
5) Dandeettii raawwachiisummaa raawwattoota daarektoreetichaa akka cimuuf Mana Hojiif yaada dhiheessuun leenjii akka argatan ni taasisa, ni deeggara, raawwii hojii isaanii ni madaala, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;akka fudhatamu ni taasisa;

6) Wixinee seeraa qophaa'u yookin sirraa'u irratti hojii too'annoo fi hordoffii; akkasumas, gamaaggama ni taasisa; sadarkaa hojiichi irra jiru ilaalchisee Abbaa Alangaa Waliigalaa Mana Hojichaatiif ni gabaasa;
7) Meeshaalee fi qabeenya raawwii hojiitiif barbaachisan akka guutaman ni taasisa;
8) Wixineen seeraa qophaa'e yookiin sirraa'e ni ilaala; sadarkaa Daarektoreetiittimariin akka gabbatu ni taasisa;
9) Wixinee seeraa sadarkaa Daarektoreetiitti hojjatamee xumurame hoogganaa Manai Hojichaaatiif ni dhiheessa;
10) Wixinee seeraa Hoogganaa Manai Hojichaaatiin ilaalame waajjira pirezidaantiif ni erga.

### 5.1.4. Gahee Hojii Abbaa Alangaa Wixineessaa

Hojiin wixineessa seeraa aartiidha. Akkuma aartistiin dhimmoota adda addaa hawaasa keessa jiran baasee, dandeettii ofii itti dabalee fi miidhagsee hawaasa bashannansiisa barsiisu wixineessaanis yaada seera yookiin yaada imaammata baastotaa bal'aa ta'e bocuun gara seera barreeffamaa salphaatti hubatamuu fi raawwatamuu danda'uutti jijjiira. Kanaaf hojiin kun ogummaa, dandeettii fi muuxannoo guddaa kan barbaaduudha. Bu'uuruma kanaan Abbaan Alangaa Wixineessaan gahee fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Wixinee seeraa akka qophaa'u yemmuu gaafatamu dursee qo'annoo seeraa ni gaggeessa yookiin qo'annoon gaggeeffamuu isaa ni mirkaneeffata;
2) Qo'annoo seeraa gaggeeffame fi qajeelfama wixinee seeraa kenname irratti hundaa'uudhaan wixinee seeraa gama hundaanuu gahumsa qabu ni qopheessa yookiin wixinee seeraa qophaa'ee dhihaate ilaaluun ni sirreessa;
3) Qaamni seerri akka bahuuf gaafatu qaama mootummaa ta'uu fi aangoo seera burqisiisuu qabaachuu ni murkaneeffata;
4) Dhimmicha irratti seera baasuuf qaamni aangoo qabu eenyu akka ta'e adda ni baafata. Fakkeenyaaf, dhimma Naannoo yookiin dhimma Federaalaa ta'uu;
5) Dhimmichi fala dhumaa kan argatu seera baasuun qofa ta'uu adda ni baafata;
6) Seerota hojirra jiran sakatta'uuni fi walitti dhufeenya seera haaraa bahu yookiin fooyya'u waliin qabu qulqulleeffachuu; walirra bu'iinsi aangoo akka hin uumamne of-eeggannoo ni taasisa (avoid conflicts, overlaps and redundancy);
7) Dambiiwwan osoo labsiin hin jiraatin manneen hojii hundeessuuf bahan akkuma jiranitti ta'ee, Dambiin akka qophaa'u yemmuu gaafatamu labsiin dambiin akka bahu

aangessu jiraachuu fi dambichis kaayyoo labsichaa galmaan gahuu kan danda'u ta'uu mirkaneeffachuu qaba.

8) Qajeelfamni akka qophaa'u yoo ta'es qajeelfamichi labsii fi dambii raawwachiisuuf ta'uu, qaama qajeelfamicha baasuuf aangoo qabu, fi tumaan labsii yookiin dambii qajeelfamni akka bahu aangessu jiraachuu mirkaneeffachuu.
9) Dambii fi qajeelfamaan tumaaleen mirga namoomaa daangessan akka hin tumamne of-eegganoo gochuu;
10) Wixineen qophaa'u yookiin sirraa'u tumaalee Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa; akkasumas, sanadoota mirga namoomaa idila addunyaa kan hin faallessine ta'uu mirkaneeffachuu qaba.
11) Wixineen mana hojii mootummaa irraa dhihaate heerawaa miti ykn tumaalee mirgoota namoomaa idila addunyaatin walitti bu'a jedhee yemmuu amanu mana hojii wixinicha dhiheesse waliin mari'achuun sirreessuu;
12) Dhimmicha irratti mootummaa federaalaatin seerri, dambiin yookiin qajeelfamni bahuu mirkaneeffachuu. Kunis seerri bahu seeraa federaalaa wajjiin akka walitti hin buuneef gargaara.
13) Wixinichi rakkoo qo'annoon adda baheef fala kan kenne; akkasumas, bu'uura kallattiiwwan yookiin kaayyowwan qajeelfama qophii wixinee keessatti taa'aniitin kan qophaa'e ta'uu adda ni baasa; sirreeffama barbaachisu ni tasáisa;
14) Hojii wixinee seeraa bu'aa qabeessa taasisuuf qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
15) Wixineen qophaa'u yookiin sirraa'u qajeeltoowwan hundagaleessummaa, tilmaamawummaa, iftoomina, fi madaalawaa ta'uu guuttachuu isaanii ni mirkaneeffata;
16) Wixinicha yemmuu qopheessu yookiin sirreessu gurmaa'ina (structure) fi boca (style) seeraa boqonnaa afraffaa keessatti ibsaman akka qabaatan ni tasáisa;
17) Wixineen qophaa'e yookiin sirraa'e gara afaan Amaariffaa fi Ingiliffaatti sirnaan hiikamuu isaa ni ilaala, ni mirkaneeffata, ni sirreessas;
18) Wixinee qophaa'e yookiin sirraa'e itti gaafatamaa dhihoo isaatiif dhiheessuun mariin akka gabbatu ni taasisa;
19) Marii taasifamee irratti yaadota sirreeffamaa dhihaatan fudhatee sirreessuun wixinicha xumuree galii ni taasisa;
20) Hojii wixinee seeraa akkaataa istaandardii JBAH, maanuwaalii kanaa fi SMBKT keessatti taa'een ni hojjata;

21) Hojiin qophii wixinee seeraa sadarkaa barbaadamuun akka hojjatamu gochuun gahee isaa ni taphata; fi
22) Hojiilee biroo qophii wixinee seeraatin walqabatan ni hojjata.

### 5.1.5. Qajeeltoowwan Naamusaa Abbaa Alangaa Wixineessaa

1) ***Abbaa Alangaa Wixineessaan dirqama daangaa hojii isaa beekuu qaba.*** Abbaa Alangaa Wixineessaan qaama imaammata mootummaa baasu fi yaada dhiyeessu osoo hin taane qaama seerota kaayyoo imaammataa mootummaa galmaan gahuu danda'an wixineessuudha. Kanaaf, kaayyoo kana galmaan gahuuf qaama mootummaa ilaallatu waliin hidhata guddaa uumuun hojjachuu qaba; wixinicha keessatti yaada yookiin fedhii dhuunfaa isaa haala kamiinuu calaqqisiisuu hin qabu;
2) ***Abbaa Alangaa Wixineessaan Amanamaa ta'uu qaba.*** Abbaa Alangaa Wixineessaan qaama tokko fayyaduuf yookiin miidhuuf kan hojjatu osoo hin taane fedhii waliigalaa hawaasaa galmaan gahuuf waan ta'ee hawaasaaf amanamaa ta'ee hojjachuu qaba.
3) ***Abbaa Alangaa Wixineessaan gahumsa qabaachuu qaba.*** Abbaa Alangaa Wixineessaan imaammata mootummaa bifa seeraatiin rakkoo hawaasa keessa jiru furuu danda'u akka jiraatuuf seera ifa ta'ee fi raawwatiinsa qabu wixineessa waan ta'eef gahumsa hojii kana raawwachuuf isa dandeessisu gonfachuu qaba. Kanaafuu beekkumsa fi ogummaa ofii yeroo yerootti guddifachuu qaba.
4) ***Abbaa Alangaa Wixineessaan iccitii hojii eeguu qaba.*** Abbaa Alangaa Wixineessaan wixinee seeraa fi ragaa sababa hojii kanaatin argate ilaalchise odeeffannoo kamiiyyuu kennuu hin qabu. Wixineen seeraa tokko hanga qaama aangoo qabuun ragga'utti nama kamiifuu kennuu hin qabu. Akkasumas, wixinicha ilaalchisee odeeffannoo kamiiyyuu nama dhimmichi ilaallatuun alatti nama kamiifiyyuu kennuu hin qabu.

### 5.1.6. Gahee Hojii Hojjataa Ragaa Galchu (Data Encoder)

1) Ragaawwan wixinee seeraatin walqabatanii seektaroota irraa dhufan simachuun Daarektara Daarektoreetichaaf ni dhiheessa;
2) Daarektooreetichaaf tajaajila hojii barreesssummaa ni kenna;
3) Hojii xalayaa baasuu fi galii gochuu ni raawwata;
4) Qo'annoowwan wixinee seeraa qopheeessuuf gaggeeffamanii fi gucaalee hojii kanaaf barbaachisan qindeessee olkaa'a;

5) Wixineewwan seeraa fi seerota ragga'an soft koppii fi hard koppiidhaan ni qabata; Daataa beeziidhaan akka qabaman haala ni mijjeessa;
6) Hojii qophii wixinee seeraatin walqabatee tajaajilamtootni galmee yaadaa irratti yaada akka kennan ni taasisa;
7) GareeWixinee Seeraa Qopheessuufi Sirreessuu ni deeggara.

### 5.1.7. Gahee Hojii Ogeessa Hiika Afaanii

1) Jechoota waalta'anitti gargaaramuu wixineewwan Mana Hojichaan qophaa'an gara afaan Amariffaa fi Ingliffaatti ni hiika;
2) Wixineewwan seektarootaan hiikamanii dhihaatan sirrummaa hiika afaan Amaariffaa fi Ingliffaa ni mirkaneeffata, ni sirreessas;
3) Garee Wixinee seeraa qopheessuu fi sirreessuwaliin ta'uudhaan hojii hiika afaanii ilaalchisee sirreeffama barbaachisu ni taasisa.

## 5.2. Istaandardii Yeroo Hojiiwwan Qophii Wixinee Seeraa

### 5.2.1. Wixineen Haaraa (wayita yaadni seera burqisiisuu Mana Hojii Abbaa Alangaatiin ka'u ykn Mootummaan kallattiin yoo kennamu) Yemmuu Qophaa'u Hojiiwwan Hojjataman, Yeroo Fudhatuu fi Qaama Raawwatu

| T.L | **Hojiiwwan Wal-duraa duubaan hojjataman( Series of activities step by step)** | **Yeroo fudhatu** | **Qaama raawwatu** |
|---|---|---|---|
| I | Dhimmi Seerri akka itti bahu barbaadame irratti qo'annoo gaggeessuu | | |
| 1 | Gaaffii qophii wixinee seeraa keessummeessuu | Daqiiqaa 30 | Daarektara |
| 2 | Dhimmoota seerri irratti akka bahu barbaadame irratti **qorannoo gaggeessu;** | Hanga Ji'a 2 | Abbootii Alangaa Wixineessaa |
| 3 | Qorannoo gaggeeffame sadarkaa Daarektoreetiitti dhiyeessuun mariin gabbisuu | Guyyaa 2 | Garee qorannoo gaggeesse (Abbaa Alangaa Wixineessaa) fi Daarektara |
| 4 | Qorannoo gaggeeffame sadarkaa Daarektoreetiittimariin gabbate Hooggansaaf dhiyeessuu | Guyyaa 1 | Garee qorannoo gaggeesse fi Daarektara |
| 5 | Sirreeffama barbaachisu taasisuun qorannicha xumuruu; | Guyyaa 5 | Garee qo'annoo gaggeesse (Abbaa Alangaa Wixineessaa) |
| 6 | Bu'aa qorannoo taasifamee fi kallattii hooggansi kaa'e irratti hundaa'uun | Guyyaa 3 | Garee qorannoo gaggeesse (Abbaa Alangaa Wixineessaa) |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | dhimmoota seerri haaraa irratti bahuu ykn fooyya'uu qabu ykn qaawwa jiru adda baasuun wixineessuuf karoorsuu(outline) | | |
| **Ida'ama** | | **Ji'a 2 fi guyyaa 11 fi daqiiqaa 30** | |
| II | **Akkaataa Qorannichaatiin Wixinee Seeraa Qopheessuu** | **Yeroo fudhatu** | **Qaama raawwatu** |
| 1 | Wixinicha qopheessuu | Hanga Ji'a tokkoo | Abbaa Alangaa ykn Garee wixinee seeraa qopheessuu fi sirreessu |
| 2 | Wixinicha irratti qaama dhimmi ilaaluu wajjiin marii gaggeessuun gabbisuu | Guyyaa 3 | Abbaa Alangaa yknGaree wixinee Seeraa Qopheessuu fi Sirreessuu, Daarektara fi qaama dhimmi ilaalu |
| 3 | Marii Gaggeeffame bu'uura godhachuun sirreeffama barbaachisu taasisuun Daarekara Daarektoreetiitti galii taasisuu | Hanga guyyaa 2 | Abbaa Alangaa yknGaree wixinee Seeraa Qopheessuu fi Sirreessuu |
| 4 | Wixinicha xumuramee galii ta'e ilaaluu | Guyyaa2 | Daarektara |
| 5 | Wixinee hojjatamee xumurame Abbaa Alangaa Waliigalaa hubachiisuun Waajjira Pirezdaantiif erguu | Guyyaa1 | Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Daarektara |
| **Ida'ama** | | **Ji'a 1 fi guyyaa 8** | |
| III | ***Hojii Hiika Afaanii(Translation)*** Wixinee(Seera) hiikkammuuf dhiyaate jalqabarraa kaasee **hiikuu fi gulaaluu** | **Yeroo fudhatu** | **Qaama raawwatu** |
| 1 | **Istaandaardii Yeroo**Wixinee (Seera) hiikkaaf qophaa'e afaan **Amaariffatti** ogeessi afaanii ykn akka barbaachisummaa isaatti Abbaan Alangaa akka hiiku gochuuf taa'e | Fuula 1-10, guy.3<br>Fuula11-20, guy. 8<br>Fuula 21-50,guy.15<br>Fuula 51 oli, guy.30 | Ogeessa Afaanii ykn Abbaan Alangaa |
| 2 | Hiika Afaan **Amaariffaa** hiikamee gulaalamee xumurame galii ta'e ilaaluu | Hanga guyyaa 3 | Daarektara |
| | **Ida'ama** | **Hanga guyyaa 33** | |
| 3 | **Istaandaardii Yeroo**Wixinee (seera) hiikkaaf qophaa'e afaan **Ingliffaatti** ogeessi hiika afaanii ykn akka barbaachisummaa isaatti Abbaan Alangaa akka hiiku gochuuf taa'e | Fuula 1-10, guy. 8<br>Fuula11-20, guy. 15<br>Fuula 21-50,guy.26<br>Fuula 51 oli, guy. 40 | Ogeessa Afaanii yookiin Abbaa Alangaa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 4 | Hiika Afaan Ingliffaattihiikamee gulaalamee xumurame galii ta'e ilaaluu | Guyyaa 4 | Daarektara |
| 5 | Wixinee(seera)hiikamee xumurame Waajjira Pirezdaantiif erguu | Saa'atii 1 | Daarektara |
| **Ida'ama** | | **Ji'a 1 fi guyyaa 14 fi saa'atii 1** | |

## 5.2.2. Wixinee Seeraa Qophaa'ee manneen hojii mootummaa irraa dhihaatuilaaluun sirreessuuf hojiilee Hojjataman, Yeroo Fudhatuu fi Qaama Raawwatu

| T.L | **Hojiiwwan Wal-duraa duubaan hojjataman ( Series of activities step by step)** | Yeroo fudhatu | Qaama raawwatu |
|---|---|---|---|
| I | Wixinee Seeraa Dhiyaate Simachuun Ulaagaa guutuu isaa mirkaneeffachuu | | |
| 1 | Wixinee seeraa seektaroonni dhiheessan simachuu | Daqiiqaa 15 | Hojjataa(ttuu) daataa galchu |
| 2 | Wixineen dhihaate ulaagaalee Maanuwaalichaan taa'e guuttatee dhiyaachuu isaa mirkaneeffachuu | Sa'aatii 1 | Daarektaraykn Abbaa Alangaa qajeelfameef |
| 3 | Wixineen dhihaate ulaagaalee kaa'ame guttatee yoo hin dhihaatin akka sirratee dhihaatu seektarichaaf deebisuu ykn hanga guyyaa 30 tti guuttatee akka dhufu qajeelfama kennuu | Daqiiqaa 20 | Abbaa Alangaa qajeelfameef |
| 4 | Wixineewwan dhihaatan heddu yoo ta'an ulaagaalee akka rakkoolee hawaasa keessatti mul'atanii fi miidhaa isaan geessisan; dandeettii raawwachiisummaa, humna namaa fi ariifachiisumma irratti hundaa'uudhaan duraa duuba qabsiisuu; | Sa'aatii 2 | Daarektaraykn Abbaa Alangaa qajeelfameef |
| | **Ida'ama ......................................** | **Saa'atii 3 fi Daq.35** | |
| II | Hojii Wixinee Seera Dhiyaate Ilaaluun Sirreessuu Raawwachuu | Yeroo fudhatu | Qaama raawwatu |
| 1 | WixineeSeeraa dhiyaate Abbaa Alangaa ykn Garee Abbootii Alangaa wixinicha ilaaluun sirreessuuf(ssaniif) kennuu | Daqiiqaa 15 | Daarektara |
| 2 | **Istaandaardii yeroo** Wixinee Seeraa dhiyaate ilaaluudhaan sirreeffama barbaachisu taasisuuf taa'e | Fuula1-10,guy. 7<br>Fuula11-20,guy. 12<br>Fuula 21-50,guy.18<br>Fuula 51 ol, guy. 25 | Abbaa Alangaa ykn Garee wixinee Seeraa Qopheessuu fi Sirreessuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 3 | **Wixinee seeraa**gulaalamee**sirratuun** xumurameegalii ta'e ilaaluu | Guyyaa 3 | Daarektara |
| 4 | Wixinee seeraa sirrat'ee xumurame Daarektara waliin; akkasumas, wixineewwan walxaxaa ta'an akka Daarektoreetiittimariin gabbisuu | Hanga guyyaa 2tti | Daarektara, Abbootii Alangaa |
| 5 | Wixinicha Abbaa Alangaa Waliigalaa Mana Hojichaaf dhiheessuun mariisisuu | Guyyaa 1 | Daarektara |
| 6 | Wixinee Abbaa Alangaa Waliigalaa Mana Hojichaatiin ilaalame waajjira prezidaantiif erguu | Daqiiqaa 30 | Daarektara |
| | **Ida'ama** | **Ji'a 1 fi guy.1 fi daq. 45** | |
| III | **Wixinee(Seera) Hiikamee dhiyaate Sirrummaa hiika afaan 3 tokko ta'uu isaa mirkaneeffachuu: sirreessuu fi gulaaluu** | **Yeroo fudhatu** | **Qaama raawwatu** |
| 1 | Gulaallii Hiika Afaan Amaariffaa<br>Wixinee(Seera) dhiyaate Ogeessa hiika Afaanii ykn Abbaa Alangaa ykn Garee A/A wixinicha ilaaluun sirreessuuf(ssaniif) qajeelchuu | Daqiiqaa 15 | Daarektara |
| 2 | **Istaandaardii Yeroo** hojii Hiika afaan **Amaariffaa** raawwatamee dhiyaate sirrummaa isaa ilaaluun sirreessuuf taa'e | Fuula1-10, guy. 2<br>Fuula11-20, guy. 4<br>Fuula 21-50, guy.8<br>Fuula 51 oli, guy. 12 | Ogeessa hiika Afaanii ykn Abbaa Alanga ykn Garee wixinee Seeraa Qopheessuu fi Sirreessuu |
| 3 | **Wixinee (seera)**gulaalamee **sirrummaa hiikichaa ilaalamuun**xumuramee galii ta'e ilaaluu | Guyyaa 3 | Daarektara |
| | **Ida'ama** | **Guyyaa 15 fi daq.15** | |
| 1 | Gulaallii Hiika Afaan Ingliffaa<br>Wixinee(Seera) dhiyaate Ogeessa hiika Afaanii ykn Abbaa Alangaa ykn Garee Abbootii Alangaa wixinicha ilaaluun sirreessuuf(ssaniif) kennuu | Daqiiqaa 15 | Daarektara |
| 2 | **Istaandaardii Yeroo** hojii Hiika afaan **Ingliffaa** raawwatamee dhiyaate sirrummaa isaa ilaaluun sirreessuuf taa'e | Fuula 1-10, guy. 4<br>Fuula11-20,guy. 8<br>Fuula21-50, guy.15<br>Fuula 51 ol, guy. 25 | Ogeessa hiika Afaanii ykn Abbaa Alanga ykn Garee wixinee Seeraa Qopheessuu fi Sirreessuu |
| 3 | **Wixinee (seera)** gulaalamee **sirrummaa hiikichaa ilaalamuun** xumuramee galii ta'e ilaaluu | Hanga guyyaa 4 | Daarektara |
| 4 | Wixinee(Seera)Hiikamee xumurame **"hardcopy"** fi **"softcopy"** dhaan Qaama dhimmi ilaaluuf erguu | Daq.30 | Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn Daarektara |
| | **Ida'ama** | **Guyyaa 29 fi Daq.45** | |